

**Waa'ee Dhukkuba Sammuu Ilaalchisee Warri  
Ijoollee Maal Beekuu Qabu?**

**Kitaaba Harkee Barsiisonniifi Hojjattoonni  
Dhaabbata Kunuunsa Daa'immanii Maatii  
Ittiin Mariisisuuf Qophaa'e**

**Bara 2012**

## Seensa

Biyya keenyatti xiyyeffannaan fayyaa sammuutiif kennamaa jiru yeroodhaa gara yerootti fooyya'aa kan dhufe ta'ullee uwvisni tajaajila fayyaa sammuu amma jiru baay'ee kan hafu ta'uu agarsiisa. Namoonni biyya keenyaa hedduun yaala dhibee sammuuf kan fayyadaman irra jireessa mala aadaatiinidha. Kanaafis sababni guddaan tajaajilli yaala sammuu ammayyaa'aa ta'e qaqqabamaa ta'uu dhabuufi hawaasni faayidaa yaala ammayyaa hubachuu dhabuu isaati. Keessumattuu, hubannaan yaala sammuu daa'immaniifi dargaggootaarratti jiru gadi aanaa ta'uu isaarraa kan ka'e tajaajilichi baay'ee murtaa'aa ta'ee argama.

Qorannoowwan sadarkaa idiladdunyaatti irra deddeebiin gaggeeffaman akka mirkaneessanitti daa'imman hawaasa kamuu keessatti argaman dhibbeentaan kudha shan rakkooowwan amalaa garagaraatiin hubamu. Biyyaonni guddataa jiran fakkeenyaaaf, Itoophiyaa keessatti lammileen isaanii walakkaa ol ta'an umriin isaanii waggaa 18 gadidha. Waan kana ta'eef, dargaggoonni qonnaafi sochiiwwan misoomaa biroorratti ga'een isaan qaban olaanaadha. Rakkoon naamusaa/amalaa daa'ima tokkoo daa'ima sanarratti, maatii fi hawaasarratti rakkoo gargaraa uuma. Dinagdee biyyaarrattis miidhaa guddaa akka qaqqabsiisu ni'amanaama.

Mootumoonni bebbeekamoon addunyaa kanarratti argaman dhimma kanaaf xiyyeffannoo itti kenuun sochii guddaa taasisaa jiru. Itoophiyaatti waggoottan kurman lamaan darbanii asitti xiyyeffannaan dhimma kanaaf kenname yeroo gara yerootti fooyya'aa dhufeera.

Biyya keenyatti qorannoowwan haala naamusaa/amala daaimmaniifi namoota gurguddoo hanga tokko tilmaamuuf dandeessisu naannoolee biyyattii bakka garagaraatti gaggeeffameeture. Bu'aaleen qorannoowwan kanneenii akka agarsiisutti rakkooowwan fayyaa sammuu biyya keenyatti mul'atan kan biyyoota biroo keessatti argaman waliin wal fakkeenyaa qaba.

Hanjina tajaajila fayyaa sammuu biyya keenyatti mul'atu furuuf nigargaara jedhameeti oolmaa daa'immanii Biiroo Barnootaa magaalaa Finfinnee jalatti hammataman keessa daa'imman oolmaa daa'immanii keessa jiraniifi maatii isaanii akkasumas barsiisota oolmaa daa'immanii pirojektiin tajaajila fayyaa sammuu keessatti akka hirmaatan dandeessisu hojiirraa oolaa jira. Pirojektiin kunis walta'iinsa dhaabbata "School Readiness Initiative", Biiroo Barnootaa magaalaa Finfinneefi Kolleejji Fayyaa Hospitaala Yakkaati 12 tiin hojiirra oolaa kan jiru yommuu ta'u baasiin priojektichaas dhaabbata gargaarsaa mootummaa biyya Kanaadaa kan ta'e "Grand Challenges Canada" tiin kan uwwifamudha. Pirojekti kana keessatti barsiisonnii fi maatiin waa'ee fayyaa sammuufi dhukkuba sammuu

ilaalchisee leenjii akka fudhatan nitaasifama. Barsiisonniifi maatiin leenjicha fudhatanis fayyaa sammuu babal'isuudhaan akkasumas hojii dhukkuba sammuu ittisuufi wal'aanuu keessatti akka hirmaataniif karoorri wixineeffameera.

Piroojektii armaan olitti eerame hojiirra oolchuuf barbaachisoodha jedhamanii sanadoota qophaa'an keessaa kitaabni leenjii rakkowwan sammuu ilaalchisee qophaa'e kun isa tokkodha. Kitaabni leenjii kun kan qophaa'es ogeeyyi hakiimota samuutiinidha. Hojiirra oolmaa isaafis mannneen barnootaa Piroojekticha jala jiran keessa barsiisota jiranirratti yaalamee bu'a qabeessa ta'uu isaa waliigalteerra ga'amee jira.

Kaayyoon kitaabichaas barsiisonni leenjii'an maatiifi guddistoota daa'immanii akka ittiin leenjistaniifidha. Piroojektichi haala kanaan barsiisonniifi maatiin leeni'an hubannoo fayyaa sammuu hawaasa keessatt lafa qabsiisuu nidanda'u. Akkasumas, namoota rakkoo sammuu qabaniif kunuunsa barbaachisaa taasisuu nidanda'u jedhameeti amanama. Beekumsiifi ogummaa leenjii kanaan babal'atu hubannoo waa'ee fayyaa sammuu cimsuun dabalataan daa'immaniifi namoota guguddoo rakkoo sammuu qabaniif yaala sirrii ta'e yeroon akka argatan dandeessisa. Kun immoo, miidhaa sababa dhukkuba sammuutiin dhufu bifa olaanaa ta'een hir'isa. Dhaabbanni " School Readiness Initiative" kitaaba ittiin barsiisan kana qopheessee fayyadamtootaaf dhiyeessuu isaatiin gammachuun itti dhaga'ama.

Dr. Minilik Dastaa Argawu

Ogeessa yaalaa amalaafi hogganaa piroojektichaa

## **Qajeelfama Waliigalaa**

### **Kaayyoo Leenjichaa**

Leenjiin kun kaayyoowwan armaan gadii qaba:

- Barsiisonniifi maatiin rakkooowwan gurguddoo fayyaa sammuu ijoolleefi namoota gurguddoorratti mul'atan akka beekaniifi warra rakkoo qaban seeraan akka kunuunsaniif
- Yoo barbaachisaa ta'e maatiifi barsiisonni namoota rakkoo qaban gara ogeessa foyyaatti akka ergan dandeessisuuf yaadame kan qophaa'edha.

### **Karoora Leenjichaa**

Tokkoon tokkoo kutaa leenjichaa osoo hinjalqabamiin dura madaalliiin leenjii duraa hirmaattotaaf nikennama. Leenjichi hawaasa kamiyyuu keessatti bal'inaan ni'argamu jedhamanii kan yaadaman waa'ee rakkooowwan fayyaa sammuu irratti kan xiyyeeffatedha. Rakkooowwan fayyaa kunniinis,

- Mukii(mukaa'uu)
- Yaada, karooraafi yaalii lubbuu ofii balleessuu
- Dhiphuu sammuu
- Rakkoo naamusaa miidhaa tokkoon booda uumamu
- Saayikoosis
- Rakkooowwan dhugaatii alkooliifi wantoota araada nama qabbsiisan fayyadamuun kan wal qabatan.
- Gaggabdoo(eppilapsii)
- Xiyyeeffanna kennuu dhabuufi raafama hamaa
- Koodii
- Morkii daangaa darbe kan jedhamandha, Tokkoo tokkoo haalota kanneen ilaachisee leenjifamtoonni beekuu kan qaban mataduree xixiqaan kan kaa'aman yommuu ta'u hubannoo ga'aa qabbiisuuf niga'a jedhamee kan yaadame ogeeyyi fayyaa sammutiin kan tilmaamame daangaan yeroo taa'ee jira. Leenjifamtoonni beekumsa dadeetti leenjiicharraa argatan gamaggamuuf tokkoo tokkoo leenjii duraafi booda madaalliiin nigaggeeffama.

## **Hirmaattoota Leenjii**

Hirmaattoota leenjii kanaa barsiisota, hojjattoota dhaabbilee daa'imman kunuunsan keessa hojjatan, akkasumas maatiifi guddistoota daa'immaniiti.

## **Danbiwwan waliitgalaa Leenjichaa**

Guyyaa jalqaba leenjii seerota armaan gadii leenjichaa hirmaattootaaf beeksisaa:

- Akkaataan taa'umsa leenjifamtootaa walakkaa geengoo yoo ta'e akka filatamu beeksiisuu
- Mariyachiisaafi hirmaattoota walbarsiisuu
- Yeroon argamuu
- Yeroo leenjii bilbila mobaayilaa cufuu yookiin sagale dhabeessa gochuu
- Tokkoo tokkoo wayitii leenjiirratti argamuu
- Dammaqinaan hirmaachuu
- Yaada namoota kabajuu
- Yeroo keessa deebii- guyyaa hunda jalqabarratti barumsa guyyaa darbe baratan ilaalchisee hirmaataa gabaabsee calaqqee kennu eeruu.
- Iddoo leenjii mijeessuu- guyyaa hundaa jalqabarratti qindeessitooni leenjichaa daqiiqaa kudhaniifi iddo leenjii nimijeessu
- To'otaa filachuu

## **Meeshaalee Barbaachisan**

- Gabatee qulqulluu irratti barreessan, filippi chaartii
- Maarkerii
- Kobbeefi dabtara yaadannoo hirmaattootaaf
- Barruulee garagaraa

# **Boqonnaa Tokko**

## **Mukaa'uu**

Boqonnaan kun, hirmaattoonni waa'ee dhukkuba mukaa'uu akka adda baasaniifi beekan gargaara.

### **Sagantaa raawwii**

Qabiyyee	Mala baruu-barsiisuu	Sa'atii
Madaallii leenjii duraa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiqaa 15
Seensa seenaa 1 fi 2	Dubbisuu	Daqiqaa 7
Kaayyoo boqonnichaa	Dubbisuufi mariyaachuu	Daqiqaa 4
Ibsaafi kiika	Dhiyeessuu dubbisuufi mariya chuu	Daqiqaa 15
Seensa seenaawwaniiratti ibsa kennuu	Dubisuufi mariyachu	Daqiqaa 15
Tapha barnoota qabu	Taphicha hogganuu	Daqiqaa 20
Ergaawan furtuu ta'aniif wantoota maatiin raawwachuu danda'an	Dubbisuufi mariyachu	Daqiqaa 10
Madaalli leenjii boodaa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiqaa 15

### **Seensa seenaa 1**

Biiftuun haadha ijoollee lamaa yommuu ta'u umuriin ishees wagga 35 dha. Ji'a tokko darbe kana keessatti rakkoo bowwwuu mataafi irribaan rakkataa turte. Kana malees. Fedhii nyaataa dhabuu, dadhabbiin itti dhaga'amuufi mana keessa hojjachuuf fedhii dhabuun irraa calaqqisa. Ijoollee iseetti akka malee dheekkamti; gara dhipheettii taateetti. Ijoollee isheetti dheekkamuu ishee deebitee itti gaabbiti. Biiftuun ijoollee isheef jetteetti malee osoo jirenya ishee gadaamii keessa godhattee nifilatti. Gaafa tokko tokko, 'maloo osoon dahuu baadhee' jetti.

## **Seenaa seesaa 2**

Biqilaan umriin isaa waggaa 16 dha. Kan baratus kutaa 9ffaa dha. Yeroo dhiyoo asitti maatiin isaa Biqilaarratti jijiramni amalaa akka mul'atu hubataniiru. Waanuma xiqkoof mufata. Akka duraanii maatii isaa waliin baay'ee hinodeessu. Gara manaatti yommuu galuus osoo nagaa hinjedhiinfi irabaata osoo hin nyaatiin gara kutaa ciisicha isaa seenee balbala cufata. Maatiin isaas rakkoo maaltu akka issa mudate gaafannaan miirri gammachuun akka itti hindhaga'amneefi wanti hundi akka issa jibbisiise ibseef. Fedhii nyaataa hinqabu; irriba ga'aa argachaa hinjiru. Xiyyeeffannaa waan itti hinkennineef qabxiin barumsa isaa gadi bu'ee jira.

### **Mariyachiisaa**

- Hirmaataan hayyamamaa ta'e tokko seenaa Biiftuu akka dubbisu godhaa. Itti aansuun, hirmaataan biroon seenaa Biqilaa akka dubbisu godhaa.
- Achiis, hirmaattota gaaffilee armaan gadii gaafadhaatii deebii isaan kennan gabatee qophaa'erratti barreessaa:
  1. Nama akka Biiftuu yookiin Biqilaa jijiiramni amalaa irratti mul'ate argitanii beektuu?
  2. Biiftuufi Biqilaan rakkoo maal maalfaa qabu? Rakkoo abbootii seenaatiif deebiwwan kennaman adda baasuun qofaatti barreessaa.
  3. Namoota rakkoo kan akka Biiftuufi Biqilaa qaban ilaachisee namooni biroon maal jedhu?
- Mariyachiisaa, marii booda qabxiwwan ka'anirratti waa'ee rakkooowwan Biiftuufi Biqilaa ilaachisee ibsa kennaa.
- Wanti ifa hintaane yoo jiraate hirmaattonni gaaffii akka gaafataniif carraa kennaafii

### **Kaayyoo leenjii dhukkuba mukaa'uu**

Barumsa kanaan booda hirmaattonni:

- Mallattoolee dhukkuba mukaa'uu nibeeku
- Mufii yeroo sirrii ta'eefi dhukkuba mukaa'uu jidduu garaagarummaa jiru nihubatu.
- Namoota dhukkuba mukaa'uu qabaniif gargaarsa gochuu nidanda'u
- Namoota dhukkuba mukaa'uu qaban gara ogeessa yaalaatti erguu nidanda'u

### **Mariyachiisaa**

Kaayyoowwan waa'ee leenjii dhukkuba mukaa'uu erga dubbistaniifii booda hirmaattoonni akka irratti mariyatana taasisaa.

### **Hiikaafi Ibsa**

Mukaa'uu jechuun haala hinbaratamneen, miira gaddaa cimaa ta'e yookiin gammaduu dadhabuu akkasumas haala hinbaratamneen fedhiin wantootaaf qaban baduudha. Dhukkubichi daa'immanirratti, dargaggootaafi namoota gurguddooratti ni'uumama. Haata'u malee, mallatoon dhukkubichaa umriirratti hundaa'uun addadda ta'uu nidanda'a.

### **Ijolleerratti**

- Gammachuun dhabuu, aaruu
- Bifa hiriyoota umrii walqixaarraa adda ta'een boo'uu
- Fedhii taphachuu dhabuu
- Hojmaneefi hojii daree hojjachuuf fedhii dhabuu
- Kaka'umsa dhabuu
- Wantootaaf fedhii dhabuu
- Miira dadhabpii, dubbachurraa of quachuu
- Haala hinbaratamneen irribni hir'achuu yookiin irribni baay'achuu
- Miira dhukkuba qaamaa fakkeenyaaaf mata bowwuu, garaan dhukkubuu
- Fedhii nyaataa dhabuu yookiin tokkoo tokkoratti immoo fedhiin nyaataa dabaluu
- Ulfatnni qaamaa hanga barbaadamuu gadi ta'uu yookiin dabaluu
- Du'a hawwuu
- Hojiirratt,i barumsarratti, jirenya hawaasummaarratti jeequmsi olaanaan jiraachuu

### **Dargaggootaafi gurguddoota**

- Miira mukaa'uu, gaaddaafi ykn fedhii dhabuu
- Fedhii nyaataa dhabuu ykn dabaluu
- Ulfatinni qaamaa hir'achuu ykn dabaluu
- Irriba dhabuu ykn baay'achuu
- Yaadaan ykn dubbiin caljedhaa ta'uu

- Miirri dadhabpii itti dhaga'amuu
- Akka dhimma hinbaafneetti of ilaaluu ykn miirri balleessummaa itti dhaga'amuu
- Xiyyeeffanna kennuu dhabuu, waan tokkoratti of murteessuu dadhabuu
- Du'a hawwuu, barumsaa irratti jirenya hawaasummaarratti jeequmsa olaanaa keessa seenuu

## Mariyachiisaa

Mallattoo tokkoo tokkoo dhukkuba mukaa'uu dubbisuudhaan ibsaafi; kanneen armaan gadiif xiyyeeffanna kennaa:

Sadarkaa dhukkubaatti adda ba'uuf mallattooleen sunniin guyyaatti irra deddeebi'anii mul'achaa torban lamaaf turuu qabu. Akkasumas, hojiirrattii, barumsarratti walitti dhufeenyaa hawaasummaa guyyaa guyyaan taasiisurratti dhiibbaa kan uuman ta'uu qabu.

Miirri dhukkuba qaamaa fakkeenyaaaf mataa bowwuu, dhukkuba garaa ykn duuchaatti na dhukkuba jedhuun jiraachuu danda'a.

Ijoolleen miira isaanii jechoota addaddaan ibsachuuf rakkachuu waan danda'aniif maatiin ijoolleen dallanuu, miira gammachuu dhabuu, isaanii tooftaan gaafachuu akka qaban itti himaa. Mallattoon miira dhukkuba mukaa'uu ijolleerratti mul'atu dargaggootaafi gurguddootarrattis akka mul'atan garuu gurgudoonni mallattoolee kanneen ijollee caalaa haalan ibsachuu akka danda'an ibsaafi.

## **Mariyachiisaa**

Dhukkubni mukaa'uu hojiifi jirenya hawaasummaarratti dhiibbaa geessisuuf fakkeenyota armaan gadii fayyadamaa.

### **Raawwiin barumsaa gadi bu'uu**

Mucaan daree keessatti haala gaariin hirmaachaa ture callisaafi kan ijoolleen walii hingallee yoo ta'eefi fedhiin qu'annaaf qabu yoo hir'ate raawwiin barnootaa isaas nihirata.

**Walitti dhufeenyi inni hiriyoota akkasumas maatii waliin qabu jeeqamuu**  
Mucaan haala gaariin waliigaltee namootaa qabachaa ture hiriyoota isaa akkasumas miseensota maatii isaarraa yoo fagaate, qofummaa yoo baay'ise

### **Guguddoondi raawwiin hojii isaanii yoo hir'ate**

Namni hojii isatiin qaxaleefi galateeffamaa ture ga'umsiifi hirmaannaan isaa yoo gadi bu'e

## **Dhiibbaa dhukkubni mukaa'uu hojiifi jirenya hawaasummaarraan ga'u**

- Raawwiin barnootaa hir'achuu
- Walitti dhufeenyi inni hiriyoota akkasumas maatii waliin qabu jeeqamuu
- Raawwiin hojii namoota gurguddoota ta'anii gadi bu'uu
-

## Mariyachiisaa

Garaagarummaa mallattoo kan ijoolleefi gurguddootaa giduu jiru ibsaafii

**Daa'imman:** daa'imman irra caalaatti miira isaanii mallattoo sochii qaamaatiin ibsatu fakkeenyaaaf bowwuu mataa dhukkuba garaa

**Dargaggoota ykn beektota:** miira isaanii sirriitti ni'ibsatu Miira abdii kutachuu fedhii mataa ofii miidhuu, miira du'a hawwuu ibsachuu nidanda'u. Kana malees sammuu koo na gubaa jira, sammuu koo keessa deemaajira, mudhii na dhukkuba, na nyanyaata jechuufi mallattoolee qaamaa kana fakkaatan himachuu danda'u. Miira isaanii kana sirreffachuuuf jechas araada keessa seenuu danda'u; manaa ba'anii baduu; barumsa isaaniifi hojii isaaniin gadi bu'uun isaan mudata.

## Ka'umas dhukkuba mukaa'uu

### Mariyachiisaa

Ka'umsa dhukkuba mukaa'uu osoo hinibsiin dura:-

1. Hirmaattota sababa isaa gaafadhaa. Deebii isaan kennanis iddo qophaa'erratti barreessaa
2. Ka'umsawan armaan gaditti tarreffaman ibsaafii:

Dhukkubni mukaa'uu sababoota addaddaatiin dhufuu nidanda'a:

- Uumamaan (fakkeenyaaaf, wantoonni qaama keessatti argaman yommuu jeeqaman, dhibeewwan qaamaa tokko tokko)
- Kan xiinsammuu
- Kan hawaasummaa

Haata'u malee, dhukkuubbni mukaa'uu sababoota armaan gadiitiin hinuumamu:

- Xibaaraan
- Abaarsaan
- Budaadhaan
- Hafuura hamaaan

## Mariyachiisaa

Sababoota tokko tokkoon haala armaan gadiin ibsaafii

**Sababoota uumamaan:** sababoonti uumamaa kanneen armaan gadii of keessatti hammatu:

- Wantoonni uumamaan qaama keessatti argaman yoo jeeqaman
- Qorichoota tokko tokkoon
- Dhugaatii alkoolii, baala araada nama qabsiisan
- Dhibeewan qaamaa tokko tokko
- Dhibeewan qaama keessaa tokko tokko fkn dhukkuba shukkaaraa

**Sababoota xiinsammuu:-** mudannoon dhuunfaa tokko tokko dhiibbaa inni xiinsammuurra geessisu fakeenyaaf nama jaallatan dhabuu, gaa'ela ofii hiikuu godaansa, gudeedamuufi kkf namoota tokko tokko rakkowwan xiinsammuu keessa galcha

**Sababoota hawaasummaa:** miidhaan hawaasummaa tokko tokko (fkn walitti bu'iinsa hawaasaafi waligalteen dhabamuu buqqauufi miidhaalee

## Seenaawan seensaarratti ibsa kennaa

1. Namni mallattoon kan akka Biiftuu yookiin Biqilaa irratti mul'atu argitanii beektuu?
  - a) eeyyee
  - b) lakkii
2. A) Biiftuun rakkowwan akkam akkamiifaa qabdi?
  - b) Biqilaan rakkowwan akkam akkamiifaa qaba?
3. Waa'ee namoota mallattoo kan akka Biiftuufi Biqilaa qaban ilaachissee namoonni maal jed humaal jedhu?

## **Mariyachiisaa**

Seenaa dhukkubsatichaa deebii hirmaattootaan kenname waliin walbira qabuun ibsaafii

### **Deebii**

2. a) bowwuu mataa, rakkoo irribaa, fedhii nyaataa dhabuu, waan salphaaf dadhabuu, mana keessa hojjachuuf fedhii dhabuu, dheekkamuufi obsa dhabeessa ta'uu, miira gaabbii bay'isuu, hojiirraa hafuufi jirenya ofii jibbuu

b) dheekkamuu yeroo hunda maatii waliin dubbachuu jibbuu, gammachuu dhabuu, waan hundii jibbisiisuu, rakkoo xiyyeefannoo, raawwiin barnootaa gadi bu'uu, fedhiin nyaataa hir'achuu, hirriiba dhabuu.

3. Ka'umsa dhukkuba mukaa'uu armaan gaditti tarreffame ilaalchisee dogoggora hubannoo namoota biratti calaqqisudha.

- hafuura hamaatiin dhufa

Namarraa namaatti darba

Yaala ogeessan hinfayyuu

Dhugaan jiru garuu, dhukkubni mukaa'uu hafuura hamaan hindhufu, namarraa

## **Tapha barumsa dabarsu**

Haati tokko mucaan ishee kan wagga 16ta'e jijiiramni amalaa akka irratti mul'ate hubattee jirti, Kanaafuu, itti dubbachuf yaalti. Jijiiramni amalaa irratti mul'ates qofummaa, fedhiin nyaataa gadi bu'uu, dheekkamuufi hirriba dhabuudha.

## **Mariyachiisaa**

- Namoota eeyyamamoo ta'an lama tokko ga'ee mucaa ofii kan biroon immoo ga'ee haadha ofii akka taphatan taasisaa
- Haati sababa jijiirama amalaa mucaa ishee beekuuf yaalti
- Mucaan miira ofii seenessa
- Haati gara dhaabbata fayyaatti geessuuf amansiisti.

## **Warri maal gochuu danda'u?**

Mallattooleen mul'atan mallattoolee dhukkuba mukaa'uu ta'uu mirkanoeffachuu, erga mirkanoeffatanii booda abbicha ofitti dhiyeessuu (namoota akkasii yommuu ofitti dhiyeessan fuula gaarii akka hinagarsiisne, dheekkamullee akka danda'u hubachuu), yommuu inni nyaakkisuufi dheekamu obsuu, barumsa/ hojiirratti deeggarsa taasisuufi kunuunsa barbaachisu gochuu (ququllina eeguun, soorata dhiyeessuufi kkf)

Rakkoowwan armaan gadii kan argaman yoo ta'e gara dhaabbata fayyaatti geessuu

- Nyaata soorachuu dhiisuu, yeroo gabaabaa keessatti ulfaatinni qaamaa sadarkaa olaanaan hir'achuu
- Guddinni gara duubaatti deebi'uu (fakkenyaaf, daa'imni waggaa 6 kan dur gochaa ture halkan sireerratti fincaa'uu
- Hirribni guyyoota walitti aananiif diduu
- Mataa ofii yookiin namoota biroo miidhuf yaaduu ykn yaaluu
- Mana barnootaatti ykn hojiirratti dhiibbaan uumamuu (qabxiin barumsaa gadi bu'uu
- Mallattooleen dhukkubichaa fooya'uu dhabuu

## **Mariyachiisaa**

Wantoota warri gochuu danda'an dubbisuudhaan ibsaaffi

Mallattoolee dhukkuba mukaa'uu beekuun faayidaa inni hirmaattootaaf qabu ibsaaffi . Fakkenyaaf, maatiin mallattoo dhukkuba mukaa'uu beeku tokko mucaa ofii gargaaruufi yaalchisuufi carraa daa'imni dafee fayyu bal'isuu danda'u:

- Kutaalee sadarkaa olaanaan saaxilamoo ta'anirratti xiyyeffachuu akka qaban itti hirmaa. Fakkenyaaf, ijollee miidhaan qaamaa ykn xiinsamuu irra ga'e, ijollee warra isaanii du'aan dhaban yookiin ijollee warri isaanii addaan ba'an.
- Hirmaattonni ijollee akkamii gara dhaabbata fayyaatti erguu qaban ilaalchisee mallattoolee armaan olitti tarreeffaman kamirratti xiyyeffachu akka qaban gaafadhaa
- Mallattooleen dhukkuba mukaa'uu irra deddeebiin yoo mul'atan dhukkubsatichi ogeeyyi fayyaa yaala sammutiin ilaalamuu qabu. Mallattoolee mukaa'uu cimaa ilaalamuuf dirqisiisu ilaalchisee marii taasisaa (fakkenyaaf, du'a yaaduu

## Mariyachiisaa

Ergaawan furrtuu ta'an dubbisaafii

## Ergaawan furtuu

- Dhukkubni mukaa'uu rakkoo namoota hedduurratti mul'atudha.
- Dhukkubni mukaa'uu yaala qaba.
- Dhukkubni mukaa'uu yoo dafee hinyaalamne barumsarratti, hojiirratti akkasumas walitti dhufeenya maatiifi hawaasummaarratti miidhaa guddaa qaqqabsiisa.
- Dawaan dhkkuba mukaa'uu ajajaafi hordoffii ogeeyyii yaalaatiin hanga fudhatametti rakkoo araadaa ykn hirkatummaa hinfidan
- Dawaan dhukkuba mukaa'uu fudhatamu miidhaa sammuu hinqaqqabsiisu

## Boqonnaa Lama

### Yaada, Karooraafi Yaalii Ofballeessuu

Boqonnaan kun waa'ee miidhaa ofballeessuuf yaaduu, karoorsuufi yaaluurratti xiyyeffata.

## Sagantaa raawwii

Qabiyyee	Mala baruu-barsiisuu	Sa'atii
Madaallii leenjii duraa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiqaa 15
Seenaa seensaa	dubbisuu	Daqiqaa 7
Kaayyoo boqonnichaa	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqaa 4
Hiikaafi ibsa	Dhiyeessuu dubbisuufi mariyachu	Daqiqaa 15
Seenaa seenasaarratti ibsa kennuu	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqaa 15
Tapha barnoota qabu	Taphicha hogganuu	Daqiqaa 20
Wantoota maatiin raawwachuu danda'aniif ergaawan furtuu	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqaa 10
Madaallii leenjii boodaa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiqaa 15

## **Seenaa seesnsaa**

Caaltun shamarree waggaa 15 yommuu taatu kan barattuus kutaa 10ffaa dha. Caaltun barakiinaa dhuguudhaan of balleessuuf erga yaaltee booda, gara mana yaalaatti geeffamte. Hakiimni ishee maaliif akka kana gootu yommuu gaafattu obboleessi ishee hangafni akka malee irra deddeebi'ee waan ishee reebeef jireenyi akka itti hadhaa'e itti himte. Haatii ishee waa'ee Caaltuu yommuu gaafatamtu ji'a darberra jalqabee Caaltun yeroo baay'ee akka gaddaa jirtu, qofaa ishee akka boossu akkasumas soorata nyaachuu akka hir'iste ibsite. Barsiisonni ishees hirmaannaa Caaltun daree barnootaa keessatti taasisuufi bu'aan qorumsaa ishee yeroodhaa gara yerootti gadi bu'aa jira jedhan.

### **Mariyachiisaa**

Hirmaataan fedhii qabu(eeyyamama ta'e) seenicha akka dubbisu gaafadhaa.

Gaaffiwwan armaan gaadii hirmaattoota gaafadhaatii deebii isaanii gabateerratti barreessaa

1. Namni akka Caaltuu isin mudatee beekaa? Yookiin guddistanii beektuu?
2. Caaltun rakkoo maal maalfaa qabdii?
3. Namoonni rakkoo akkasii irra ga'e hawaasa biratti haalaakkamiin ilaalamu?

### **Mariyachiisaa**

- Kaayyoo boqonnichaa dubbisaafii
- Waa'ee of balleessuu ilaachisee waan beekan gaafadhaa
- Deebii isaanii gabatee /chaartiirratti barreessaa

## **Kaayyoo boqonnichaa**

## **Dhuma boqonnaa kanaatti hirmaattannii:**

- Waa'ee of balleessuufi rakkowwan kanaan walqabatan adda baasanii nibeeku.
- Namoota ofballeessuuf yaada/karoora qaban keessumattuu daa'immaniifi dargaggoota adda baasuu nidanda'u.
- Namoota ofballeessuuf yaada/karoora qabaniif ofeeggannoofi kunuunsa mana keessatti taasifamuufii qabuu nibeeku.
- Namoota ofballeessuuf yaada/karoora qaban yeroo hunda gara dhaabbata fayyaatti erguun akka barbaachisu nibeeku.

## **Hiikaafi Ibsa**

Du'a hawwuun, ofballeessuuf yaaduun, ofballeessuuf yaaluun ykn raawwachuun namoota gurguddoorratti, dargaggootaafi daa'immanirratti taatee uumamuu danda'udha.

## **Mallattoowwan**

- Namoonni of balleessuuf karaa garagaraa fayyadamu. Fakkeenyaaaf, biyya keenyatti karaan beekamaa of balleessuuf itti fayyadaman of fannisuu, summii dhuguu,qilee keessatti of gatuu yookiin bishaan keessa lixuu akka ta'an nibeekama.
  - Daa'imman/ijoolleen du'anii kan achumaan hafu waan itti hinfakkanneef, akkuma salphaatti of miidhuu danda'u.
  - Namoonni of balleessuuf kan yaada karoora qaban kunniin yeroo baay'ee yaada isaanii kan agarsiisu fulcha wayii miseensota maatiif, hiriyootaaf, barsiisotaaf yookiin hakiimaaf ni kenuu. Mallattooleen akekkachiisoo ta'anis kanneen armaan gadii ta'uu danda'u.
1. Akka tasaa barumsaaf ykn hojiif dhimma hinqabnee ta'uu(raawwiin hojii/barnootaa akka tasaa gadi bu'uu)
  2. Waa'ee du'uu ykn of balleessuu irra deddeebiin kaasuu
  3. Akka tasaa amalli jijjiramuu (yeroo hunda namni mukaa'aa ture akka tasaa gammachuu keessa seenuu)
  4. Haala hinbaratamneen gochawan of miidhuun qabamuu
  5. Walitti dhufeensa maatii sirrii hintaane(qollifachuu,walitti bu'uu)
  6. Amaloota balaaf nama saaxilan agarsiisuu (fakkeenyaaaf dhugaatii humnaa olii, haala balaa geessisuun danda'uun konkolaataa /biskileetii oofuu, ykn beelladoota gulufsiisuu,saalquunnamtii of eegganno hinqabne eegaluu.

7. Qe'ee ykn mana barnootaa keessatti miidhaa qaamaafi gudeedamuuf saaxilamaa ta'uu.
8. Mallattoon dhukkuba mukaa'uu itti fufiinsaan turban tokkoo oliif mul'achuu
9. Qabeenya seeraan ala mancaasuu ykn kennuufi kkf

## Mariyachiisaa

Mallattoowwan akkeekkachiisaa ilaalchisee bifaa armaan gadiin ibsa kennaafii

1. Raawwiin barnootaa akka tasaa gadi bu'uu
  - Barattoonni kanaan dura barumsa isaanitti qaxalee turan barumsa laaffisuufi sochiin isaanii yoo laafu, barumsarria hafuu baay'isuu
2. Waa'ee du'aa ykn waa'ee of balleessuu irra deddeebiin kaasuu
  - Dubbiin, barreeffamaan ykn fakkiidhaan miira kana irra deddeebiin yoo calaqqisan
3. Akka tasaa amalli jijijiiramuu
  - Qoollifataa, qofa galeessa ykn mufataa ta'uu yookiin namoota kaanirratti amala isaanii rakkisaa kana agarsiisuu jalqabuu (akka tasaa dhugduu alkoolii ykn fayyadamaa baala sammuu adoochuu ta'uu)
  - Namoota kanaan dura itti hindhiyaanneefi ijomlee baala sammuu adoochuuf dhugaatii alkoolii fayyadaman waliin walitti dhufeenya uumuu
4. Walitti dhufeenya maatii fayyaa hinqabne
  - Mallattoowwan miidhaa qaamaa- namarratti mallattoon miidhaa qaamaa irra deddeebiin yoo mul'ate, fakkeenyaaaf, fuula dhiita'e ykn gurraacha'e, qolleffatamuu
5. Amaloota hinbaratamne, balaaf kan saaxilan agarsiisuu
  - Namoota garagaraa waliin saalqummamtii raawwachuu, dhugaatii alkoolifi baala sammuu adoochuu fayyadamuu
6. Miidhaa mana barnootaa keessatti uumamuuf saaxilamaa ta'uu.
  - Miidhaa qaamaafi xiinsammuu mana barnootaa keessatti raawwatamuuf saaxilamaa ta'uu

## Mariyachiisaa

Mallattoowwan hatattamaan gara mana yaalaa geessuf dirqama ta'an:

- Waa'ee of balleessuu ifatti dubbachuu ykn barreessuu
- Ifaan ifatti"du'a naaf wayya, lubbuun jiraachuun maal fayyada?!" kan jedhan dubbachuu
- Adda of baasuu- hirmaannaa maatii, hiriyaaf hawaassummaarraa

## **Sababa/ka'umsa**

Yeroo baay'ee yaadniif yaaliin of balleessuu kan uumamu rakkooowwan sammuu mukaa'uuf araadummaafi kan kana fakkaataniin kan walqabatanidha.

### **Mariyachiisaa**

Sababoota isaanii osoo hinimiin dura dhukkubni akaakuu akkasii kun sababa maaliin dhufa jechuun yaada leenjifamtoonni qaban gaafadhaa.

Haalonni armaan gadii rakkichaaf ka'umsa ta'uu akka danda'an itti himaa

- Dhukkuba mukaa'u
- Dhugaatii alkooliifi baala sammuu adoochan fayyadamuu
- Dhukkuba sammuu kan biroo, rakkoo xiinsammuufi hawaasummaa

## **Ibsa Seena Seensaa**

### **Gaaffiiwwan**

- Caalltuun rakkoo maal maalfaa qabdi?
- Namoonni rakkoon akkasii irra ga'e hawaasa biratti haala akkamiin ilaalamu?

## **Tapha barumsa qabu**

Jiraattuun dargaggeettii waggaa 13 ti. Gaafa tokko dawaa hakiimni haadha isheef ajaje baay'ee harkatti baattee daree keessa osoo teessuu barsiisaan ishee argee gara dura bu'aa mana brnootaatti ishee geese.

### **Mariyachiisaa**

- Caaltuun rakkoo maal maal qabdi?
  - Of balleessuuf yaaluu, miidhaa qaamaaf saaxilamaa ta'uu, gadduu, boo'uu, feedhii nyaataa dhabuu, raawwiin barnootaa gadi bu'uu
- \* Namoonni rakkoon akkasii irra ga'e hawaasa biratti haalaakkamiin ilaalamu?
- Namni yeroo tokko of balleessuuf yaale of balleessuun isaa hinoolu
  - Namni of balleessuuf yaale cubbamaadha.
  - Namni of balleessuuf yaale maatii isaafi yookiin ijoollee isaaf kan hin yaadne of jaallataadha.
  - Namni of balleessuuf yaale dadhabaadha.
  - Namoonni of balleessuuf vaalan beekaa sodaachisuufidha.

### **Mariyachiisaa**

Seenciha hirmaattotaaf dubbisaaffii. Namoonni eeyyamamoo ta'an lama amala jiraattuufi dura buutuu mana barnootaa ishee fakkeessanii akka taphataniif filadhaa.

1. Jiraattuun dubbachuuf qophii hinqabdu.
2. Dura buutun ishee shamarree sanarraa odeeffannoo arggachuuf akka yaaltu agarsiisuf akka yaalan godhaa

### **Mariyachiisaa**

Barsiisanniifi miseensonni maatii maal gochuu akka danda'an dubbisaafitii mariin akka irratti godhamu affeeraa.

## **Barsiisonni maal gochuu danda'u?**

- Waa'ee of balleessuu ilaalcissee gaafachuu
- Waa'ee of balleessuu ilaalcissee namicha gaafachuun yaada of balleessuu akka qabaatu hintasisu. Inumaa, namicha waa'ee of balleessuu gaafachuun yaada akkasii qabaachuufi qabaachuu dhiisuu beekanii tarkaanfii ittisaa fudhachuuf kan dandeessuu karaa isa tokkichadha.

Gaaffichas karaa addaddaa gaafachuun nidanda'ama:

- Bakkan ciisetti osoon hafeera ta'ee mirri jedhu sitti dhaga'amme beekaa?
- Jiraachuun gatii hinqabu miirri jedhu sitti dhaga'amme beekaa?
- Jirenya koo keessatti rakkowwan na qunnaman rakkisoofi fala kan hinqabne waan ta'eef, du'ee osoon obbaafadhee miirri jedhu sitti dhaga'amme beekaa?

Namichi gaaffiilee kanneen keessaa isa kamiifuu deebii eeyyee jedhu yoo kenne gara ogeessa fayyaa yaalaa sammuutti geessuun barbaachisaadha

- Nama of balleessuuf yaada olaanaa qabu tokko qofaatti gadi lakkisu dhiisuu, hanga gargaarsa argatutti waliin ta'uu.
- Barsiisota biroo, maatiifi ogeeyyota yaala fayyaa gargaarsa gaafachuu
- Hatattaamaan gara dhaabbata fayyaatti geessuu.

## **Maatiin maal gochuu danda'u?**

- Namichi balaa keessa akka jiru hubachuu, miirri kun bu'aa dhukkubaa ta'uu hubachiisuu
- Nama of balleessuun yaada cimaa agarsiisu qofaatti gadi lakkisu dhiisuu, hanga gargaarsa argatutti waliin ta'uu.
- Gorsa barbaachisu kennuu, abdii kutachuun yeroo baay'ee bu'aa mukaa'uti. Waan abdii irraa kutataniif falli biroon akka jiruufi gargaarsa ogeessaa hatattamaan argachuu akka qabu
- Kunuunsa gochuu

- Wantoota of balleessuuf itti fayyadaman naannoo sanarrraa fageessuu
- Hatattamaan gara dhaabbata fayyaatti geessuu

### **Mariyachiisaa**

Ergaawwan furtuu ta'an dubbisaaifi

### **Eraawwan futuu**

- Namoonni of balleessuuf kan yaadan yookiin yaalan yeroo baay'ee dhukkuba sammuu keessumattuu dhukkuba mukaa'uu waliin kan walqabatedha.
- Namoonni of balleesuuf yaada/karoora qaban yeroo baay'ee yaada isaanii kan ibsu fulcha nikennu
- Barsiisonniifi maatiin mallattoolee akkeekkachiisaa yoo argan hatattamaan gargaarsa ogeessa fayyaa barbaaduun irra jira.
- Yaada/karoora of balleessuu yaala fayyaan ittisuufi dhaabsisuun nidanda'ama.

### **Boqonnaa Sadii**

### **Dhukkuba Dhiphuu**

Boqonnaan kun sababa malee yookiin hangaa ol baay'ee yommuu isaan dhiphisu, sodaafi dhiphuu daangaa darbeen yoo rakkatan akkamitti akka adda baasnuufi gargaaruu dandeenyu agarsiisa.

## **Sagantaa Raawwii**

Qabiyyee	Mala baruu barsiisuu	Sa'attii
Madaallii leenjii duraa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiqa 15
Seenaawan seensaa	Dubbisuu	Daqiqa 20
Kaayyoo boqonnichaa	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqa 4
Hiikaafi ibsa	Dhiyeessuu dubbisuufi mariyyachuu	Daqiqa 15
Seena seensarratti ibsa kennuu	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqa 15
Tapha barumsa qabu	Taphicha hogganuu	Daqiqa 20
Wantoota maatiin gochuu danda'uufi ergaawan furtuu	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqa 10
Madaallii leenjii boodaa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiqa 15

## **Seena seensaa 1**

Waaqjiraan barataa barnoota idileen duraati. Umriin isaa waggaas 5 dha. Mana barnoota dhaquu akka hinbarbaanne haati isaa nidubbattii. Yeroo hunda ganama mana barnootaa yommuu isheen geessitu akka isheen dhiistee biraa hindeemne harka isheetti rarra'ee kadhata. Yommuu isheen gadi dhiistee deemtuu niboo'a. Waaqjiraan galgalas qofaa isaa gara siree dhaqus nidida. Taphaaf jedhee warra isaa gatee gara alaa hinba'u. Maaliif akka gadi hinbaane yommuu gaafatamu yoo manaa ba'eefi argaa warra isaa jalaa fagaate baduu akka danda'u sodaa qabu ibsa.

## **Seena Seensaa 2**

Beekaan umriin isaa waggaa 15dha. Guyya lama booda qorumsa biyoyolessaa kan kutaa 10ffaa fudhata. Beekaan qorumsichaa haalaan akka itti hinqophaa'iin jiru itti dhaga'ama. Baay'ee dhipateera. Yeroo gabaabaa kana keessatti waan baay'ee dubbisuu akka qabutu itti

dhaga'ama. Kanarraa kan ka'eenis sodaan akka malee itti dhaga'ama. Boqonnaa dhabeera, Onneen isaa ariitiin dhahaa akka jiru itti dhaga'ama. Xiyyeeffannaa itti kennee qu'achuun cimee jira. Yeroo hunda jirenya isaa keessatti haalonni murteessoo ta'an yeroo isa mudatan miirri kana fakkaatu akka itti dhaga'amu dubbata.

### **Seena Seensaa 3**

Saaraan shamarree umrii waggaa 17ti Gara affeerraa dhaquu nisodaatti Hiriyoota ishee waliin yeroo jiraattu gammachuutu itti dhaga'ama. Keessummaan mana keessa yoo jiraate baay'ee waan sodaattuuf, odeessuun nyaachunis baay'ee itti ulfaata. Namoota baay'ee hinbeekne waajiiin yommuu jiraattu waan nama qaanessu raawwachuu ykn dubbachuu danda'a jettee waan sodaattuuf yaaddoodhaan liqinfamti. Kanaafuu, bakka haalonni akkasii ishee mudatan deemuura mana keessa ooluu filatti.

### **Seena Seensaa 4**

Obbo Guutaan umriin isaa waggaa 32 yommuu ta'uu kan barsiisus kolleejjii keessadha. Obbo Guutaan nama ga'eela qabuufi abbaa ijoollee lamaati. Bara darberra kaasee waa'ee raawwii hojii isaa dhiphataa jira. Hojii isaatiin galatoomfamaafi jaalatamaa yoo turelle amma garuu dandeettiin barsiisummaafi qophaa'umman isaa shakkii uumeera. Galiin inniifi haati warraa isaa argatan gaarii ta'ullee taateen hineegamne uumamee manaafi qabeenya keenya yoo dhabne hoo? jedhee dhiphata. Kana malees, Obbo Guutaan nama yeroo baay'ee aariiniifi ko'umni itti baay'atu ta'eera. Yaada isaa sassaabee waan tokkoratti xiyyeffannoo gochuun itti ulfaata. Keessumattuu halkan halkan yaada buusee baasurraan kan ka'e hiriba dhabee rakkachaa jira. Guyyaa guyyaa immoo miira boqonnaa dhabuutu itti dhaga'ama.

### **Mariyachiisaa**

- Hirmaataan eeyyamamaa ta'e tokko seenicha akka dubbisu gaafadhaa. Itti aansuun, gaaffiilee armaan gadii hirmaattota gaafachuun deebii isaanii gabateerratti barreessaa:
  1. Namoonni amala kan akka waaqjiraa/Beekaa/ Saaraa/ Guutaa qaban isin mudatanii ykn argitanii beekkuu?

## Kaayyoo boqonnichaa

Dhuma boqonnaa kanaatti hirmaattonni:

- Dhiphuu sirrii hintaaneefi sirrii ta'e adda baasanii nibeeku.
- Dhukkubiwwan dhiphuuf sodaa garagaraa adda baasanii nibeeku.
- Hirmaattonni dhukkuba dhiphuufi sodaa qabaniif gargaarsa bu'uuraa taasisuuffii nidanda'u.
- Namoota kanneen yoom gara dhaabbata fayyaatti geessuun akka barbaachisu nieeku.

### Mariyachiisaa

- Kaayyoo isaa dubbisaaffi
- Dhiphuufi sodaan sirrummaa hinqabne waan beekan gaafadhaa
- Deebii isaanii gabatee/chaartiirratti barreessaa

## Hiikaafi Ibsa

Dhiphuufi sodaan nama kamirrattuu mul'achuu kan danda'u miirawan uumamaan jiranidha. Namni haalonni balaa ta'an yoo quunnaman sodaachuufi dhiphachuun deebiwwan sirrii/barbaachisaa qaamni kennudha. Fakkeenyaaaf, saree ciniintuu, konkolaataa ariitiin

fiigaa dhufufi kkf sodaafi dhiphuun akkasii qaamni keenya rakkoo keessaa nu baasuuf akka qophaa'u taasisa.

Dhiphuun ssababa malee uumamuufi dhiphuun daangaa darbe yookiin yaaddoon daangaa darbe garuu namni xiyyeffannoo akka dhabu waan taasisuuf balaaf saaxila yookiin tarkaanfii barbaachisuun ykn namoonni tarkaanfii barbaachisu akka hinfudhanne godha. Callisanii dhiphachuun ykn namoonni yaaddoo daangaa darbe qaban mallattowwan armaan gadii qaama isaaniirratti mul'ata .

- Mataa naannessuu/mataa keessaa iyyuu/
- Onneen daddafee dhabuu
- Hafuura baafachuu dadhabuu
- Dafqisiisuu
- ollachuu
- harkaa fi miilla irratti miira suruur jedhu itti dhaga'ama
- boqannaal dhabuu, harka ykn kan birooo raasuu
- afaan goguu , garaa keessattti gammachuu dhabuu , of jibbisiisuu
- Fincaan ykn udaan dafee dafee namatti dhufuu
- garaan raafamuu , akkasumas kutaan qaamaa dhiisamuu

### **Mariyachiisaa**

- Dhiphuun maal akk ta'e jechoota salphaa ta'aniin ibsaafii
- Dhiphuu/yaaddo sirriifi sirrii hintaane
- Sodaan qaamni keenya balaan yommuu isa quunnamu deebii sirrii inni kennudha. Sirrii kan hintaane daangaa qaamaafi sammuu keenyarratti dhiibbaa yoo uume yookiin sochiin guyyaan taasifamu yoo jeeqedha

### **Marriisisaa**

- Akaakuwwan dhukkuba dhiphuu hirmaattotaaf dubbisaa
- Akaakuwwaan biroonis akka jiraniifi garuu leenjii kan keeessatti kan hinhaamtamne ta'uu hirmaattotatti himaa

## **Akaakuuwwan dhukkuba dhiphuu**

- Dhiphuu addaan bahu (warra ykn guddistootarrraa yommuu addaan ba'an dhukkuba dhiphuu uumamuudha.
- Foobiya (wantoota murtaa'an sodaachuurratti yookiin walitti dhufeenya hawaasummaa keessa yommuu ta'an dhukkuba dhuphuu uumamuudha.
- Dhiphuu hundagaleessa (waa'ee wantoota garaagaraa baay'isaani dhiphachuu (dhukkuba dhiphuu waa'ee wantoota garaagaraa)

### **I. Dhiphuu addaan bahu**

Warrarraa yookiin guddistootarrraa yommuu addaan bahan dhiphuu ykn yaaddoo humnaa olii

- nama baay'ee itti dhiyaatan cinaa yoo ta'e malee ciisuu dhiisuu ykn nama baay'ee walitti dhiyaatan waliin malee gara alaatti bahuuf fedhii dhabuu
- mana barnootaa dhaquuf diduuf
- Nama dhiyeenyatti beekanirraa yommuu adda ba'an dhukkubiin qaamaa jiraachuu – fakkeenyaaaf, bowwuu mataa, ciniinnaa garaa ,singiggeessuu
- Warra/guddistoota dhiyorraa addaan bahuuf yommuu jedhan boohuu, iyyuu, itti rarra'uu, akka hindeemne kadhachu

### **Mariyachiisaa**

- Mallattooleen kunnin daa'imman umrii wagga 1-2 jiran irratti yoo mul'ate ,adeemsaa giddina fayyaa qabeessa akaa ta'e hirmaattotatti himaa. Daangaa umrii kanaatiin alatti yoo ta'e garuu akka rakkotti ilaalam .Fakkeenyaaaf, mucaan wagga 4 haadha irratti maxxanuufi ijoollee kaan waliin taphachuu yoo dadhabe.
- Rakkinichi dhukkuba jedhamuuf torban afurii ol turuu qaba.
- Mucaan gara mana barnootaa hindhaqu jedhee didu hundi yaaddoo addaan

## **II. Foobiya (Wantoota ykn haalota akkaataa sirii hintaaneen ulfeessanii sodaachuu)**

Namni tokko dhukkuba foobiya qaba kan jedhamu namni sun wantoota murtaa'aniif gochaawwaniifi taateewwaniif sodaa irra deddeebi'eefi sirri hintaane yoo qabaateefi wantoonni ykn haalonni yoo isa quunnaman dhiphuu garmalee keessa yoo seenudha. Namni foobiya qabu waan sodaatu san ofirraa dhowwuuf ykn waan sodaaturraa fagaachuuf qabsoo cimaa taasisa.

### **Akaakuwwan Foobiya**

- Foobiya/sodaa murtaa'aa**-Namoonni daangaa umrii wal fakkaatu keessa jirna kan hin sodaanne wanta murtaa'aa humnaa olii sodaachuufi wanti sodaachisaan yommuu isaan quunnamu ykn yommuu yaadamu dhiphuu sirri hintaane keessa galuu (fakkeenya armaan gadii ilaala)
- Foobiya jirenya hawaasummaa**-\_taateewwan jiruu hawaasummaarratti ykn wantoota biroo fuulduratti gochaawan raawwataman yoo godhu ykn raawwachuuf yoo yaadu sodaa humnaa olii irra deddeebiin uumamuudha.

Namoota sodaaa jirenya hawaasummaa qaban irratti yaaddoo guddaan mul'atu namoota duratti ofin salphisa ykn kan namootni hinfudhanne ta'een argama , namoota birootiin gadi fageenyaan gamaggamama kan jedhuudha. Kan irraa kan ka'een haala hawaasummaarraa baqachu, yookiin namoota fuulduratti waan tokko raawwachuun namicha baay'ee isa dhiphisaa

### **Mariyachiisaa**

- Nama rakkoo akkasii qabu yoo beekan hirmaattota gaafadhaa
- Hirmaatonni sodaa sirii ta'eefi fudhatama qabuufi sodaa dhukkuba ta'e (soda sochii givvaa givvaa iieean)adda haasanii beekuu isaanii

## **Mariyachiisaa**

Dhukkubni foobiya jira jechisiisuudhaaf mallaattoon isaanii yoo xiqqaate torban ja'aaf turuu akka qabaniifi umrii wajjin kan wal hinsimanneefi fudhatama kan hinqabne ta'uu akka qabu hirmaattotatti himaa

### **1. Foobiya Murtaa'aa**

Namoonni naannoo jiraniin umriin walgitan wanta isaan hinsodaanne humnaa ol sodaachuu. Naannoo wanta sodaatamuu yommuu jiru mallattoowwaan dhophuu sirrii hintaane mulisuu.

Ijolleeffi gurguddoонни раккоон кун ирра жиру wanta isaan dhiphisu jalaa baqachuу carraaquу  
Wantoonni /haalonni isaan dhiphisan irra jireessi

-Bineeldota addaa addaa

-Dhiiga/Marfee

-lafa ol ka'aa

-bakka cufamaa ta'e akka salphaatti keessa ba'uun hin danda'amne yoo ta'e  
(fkn: liftii/ konkolaataa guddaa (Awutoobisii) keessa taa'anii deemuu)

### **2. Mallattoowan foobiya hawaasummaa umrii daa'immuummaa (wagga 3-6) irratti**

- Namoota fuulduratti nyaachuu ykn dubbachuuuf sodaachuu

- walitti qabama hawaasummaarratti hirmaachuuf sodaachuu,

Fkn ayyana dhalootaa, cuuphaafi ayyaanota biroo namoonni baay'atanirratti argamuuf sodaachuu

- mana keessa osoo jiranii yoo keessummaan dhufe dhokachuu
- daree keessatti hirmaachuu dhiisuu
- namoonni biroon jiraachuun isaanii sodaa isaanii dabala
- Haala sodaatan keessa yommuu jiran dhiphuu sirrii hintaane dhiphatu; niboo'u; ni'aaru; tasgabbii dhabu
- naannoo dhiisanii baqatu

### **Ijoollee xiqqoo ol guddataniif dargaggoottarratti**

- Mana barumsaa dhaquu nididu- kutaa/ daree keessatti hirmaannaan isaan godhan baay'ee gadi aanaa dha.
- namoota fuulduratti barreessuu , dubbisuu, mana fincaanii walinii fayyadamuu hinfedhan.
- Ijaafi ijaan wal illaaluu hin barbaadan ; ijasaanii dhokfatu.
- daree barnootaa keessatti ykn keessummaan yoo gaaffii gaafataman ni dhiphatu;miirri dhiphuu irraa mul'ata

### **Gurguddootarratti**

- Itti gaafatamummaa fudhachuu hinfedhan
- Bakka namoonni walitti qabamanitti /nama fuulduratti barsiisuu ykn dubbachuu hin barbaadan

Gurguddoonnifi dargaggooni foobiya kana dandamachuuf araada dhugaatii alkoolii ykn baala sammuu namaad oochuu qabamu

### **III. Dargaggooni foobiya kana dandamachuuf araada dhugaatii alkooliin ykn baala sammuu adoochu birootiin qabamu**

Ibsituun dhiphuu hundagaleessaa waa'ee wantoota garaagaraa humnaa ol dhiphachuu, buusuufi baasuu fa'aadha.

### **Mallattoowwan dhiphuu hundagaleessaa**

## Ijoollee fi guddattootarratti

- waa'ee wantoota hiriyoota isaanii caalaa dhiphachuu
- Waa'ee raawwii barumsasaanii, waa'ee nageenya mataa ofiifi maattisaanii ykn waa'ee balaawwaan uumamuu danda'anii illalchisee humnaa ol dhiphatu
- wantoonni isaan dhiphisan adda adda haa ta'u malee, yeroo mara nidhiphatu
- rakkoon kun xiyyeffannoo isaan barumsaafi hojiirratti godhan hir'isuun sochiiwwan garaagaraarratti laafuu akka ta'an godha.
- dhiphachuuisaaniirraa kan ka'e yeroo mara nama isaan tasgabeessu waan barbaadaniif walitti dhufeenyi hawaasummaa isaan qaban hanga eegamu hincimu.

## Gurguddootarratti

- waa'ee dhimmoota adda addaa baay'ee dhiphachuu
- dhiphuu ofii ta'achuuf ykn qabaneessuuf rakkachuu
- boqonnaa dhabuu
- qaamni salphumatti dadhabuuf laafuu
- rakkoo xiyyeffannoo gochuu
- aarii
- irreen dhifamuu
- rakkoo hirribaa (abjuu, irra deddeebi'aanii dammaquu)

## Sababa (Ka'umsaa)

Akaakuuwwan dhukkuba dhiphuu kunniin kan dhufan sababoota uumamaa, maatiifi naannootiiniidha.

### Mariyachiisaa

Ka'umsa/sababa osoo itti hinhimin dura dhukkubni akkasii kun sababa maaliitiin dhufa jedhanii akka yaadan gaafadhaa.

Haalonne armaan gadii rakkichaaf ka'umsa ta'uu akka danda'an itti himaa

- **Kan uumamaa:** namoonni tokko tokko uumama isaaniitiin dhiphuuf saaxilamoo ta'uu danda'u
- **Kan maatiif:** Warri ofiisaanii dhiphatoo yoo ta'ap akkasumas ijoolleen isaanii

## **Mariyachiisaa**

### **Deebii**

2. Afran isaanii keessaa sadan (Waaqjira, Saaraafi Guutaan) dhukkuba dhiphuu qabu
3. Rakkoon isaanii maal fa'i

**Waaqjira-** Mana barnootaatti yommuu geeffamu haadha isaarraa addaan bahuu dhiisuuf yaaluu, qofaa isaa rafuuf sodaachuu, warra isaarraa fagaatee taphachuuf fedhii dhabuu

**Saaraa-** Keessummaa duratti dubbachuuf ta'e nyaachuu sadaachuu , ‘waan nama qaqaressu dubbadha ykn raawwachuu danda'a jechuun sababa tokko malee yaadda'uu , haalota akkasii baqachuuf mana keessa taa'aa ooluu.

Obbo Guutaa: Ga'umsaafi dandeettii barsiisuu ofii shakkuu, galiin isaafi kan haadha warraa isaa gaarii ta'ullee taateen hineegamne tokko uumamee manaafi qabeenya keenya yoo dhabne hoo jedhee dhiphachuu, yeroo hedduu aariifi ko'umni kan isa miidhu ta'uu, yaada isaa sassaabee waan tokkoratti xiyyeefachuu dadhabuu, hirriba dhabuu,

**Tap**

Lataan umriin isaa wagga 7 dha. Barataa 1ffa ti. Lataan qabxiin qorumsaa galmeessuu kan ijoollee biiroorraa kan fooyya'e yoo ta'elgee hirmaannaa inni daree keessatti taasisu baay'ee dadhabaa dha. Yommuu barsiisaan gaaffii gaafatu fedhii isaatiin harka baase hindeebisu. Akka deebisuuf yoo gaafatame immoo , harki isaa nihollata; arrabni isaa nihidhama;

nicabaqa. Barsiisaa Mootiin dubbiin kun yaaddoo itti taanaan maatii isaa waliin mari'achuuf gara mana barnootaatti waamsise.

### **Mariyachiisaa**

- Obbo Mootiin rakkoo mucichaa maatiif ibsa nigodha
- Abbaanis mucaa isaanii sodaataa ta'uu isaa hadheeffatanii ibsu

Obbo Mootiin dhukkuba soda jirenyaa hawaasummaa ta'uu akka danda'u ibsuudhaan mana yaalaa hakiima bira geessuu akka qaban jajjabeessa; abbaanis amntii dogoggoraa qabatanii turan sirreffachuuf yaalu

### **Mariyachiisaa**

Wantoota maatiin raawwachuu qabaniifi ergaawan furtuu dubbisaafii

### **Maatiin maal gochuu danda'a?**

- Dhiphuun mucicharraatti mul'atu kan humnaa olii ta'uu isaa mirkaneeffachuu
- Sochii barnootaafi hojiirratti deggarsa barbaachisu taasisuu
- Amaloota dhiphuu jajjabeessu dhiisuu
- Barumsa, hojiifi jirenya hawaasummaarraatti dhiibbaa yoo fide ykn dhiphinichi jabaachaa yoo dhufe ykn kan hindhaabbanne yoo ta'e gargaarsa yaala sammuu barbaaduun faayidaa qabeessa ta'a.

### **Ergaawwaan Furtuu**

- Dhiphuu sirii ta'e dhiphuu sirii hintaanerraad adda baasuu danda'uun barbaachisaadha.
- Dhukkubni dhiphuu namoota baa'ee irratti mul'achuu danda'a.
- Dhukkubni dhiphuu yaala fayyaatiin fayyuun nidanda'a.

## **Mariyachiisaa**

- dhiphuun maal akk ta'e jechoota salphaa ta'aniin ibsaafii
- dhiphuu/yaaddo sirriifi hirrii hintaane
- Sodaan qaamni keenya balaan yommuu isa quunnamu deebii sirrii inni kenuudha. Sirrii kan hintaane daangaa qaamaafi sammuu keenyarratti dhiibbaa yoo uume yookiin sochiin guyyaan taasifamu yoo jeeqedha.

## **Mariyachiisaa**

Wantoota maatiin raawwachuu qabaniifi ergaawwan furtuu dubbisaafii

### **Maatiin maal gochuu danda'a?**

- Dhiphuun mucicharraatti mul'atu kan humnaa olii ta'uu isaa mirkanoeffachuu
- Sochii barnootaafi hojiirratti deggarsa barbaachisu taasisuu
- Amaloota dhiphuu jajjabeessu dhiisuu
- Barumsa, hojiifi jirenya hawaasummaarraatti dhiibbaa yoo fide ykn dhiphinichi jabaachaa yoo dhufe ykn kan hindhaabbanne yoo ta'e gargaarsa yaala sammuu barbaaduun faayidaa qabeessa ta'a.

### **Ergaawwaan Furtuu**

- Dhiphuu sirrii ta'e dhiphuu sirrii hin taanerraadadda baasuu danda'uun barbaachisaadha.
- Dhukkubni dhiphuu namoota baay'ee irratti mul'achuu danda'a.
- Dhukkubni dhiphuu yaala fayyatiin fayyuu nidanda'a.

## **Boqonnaa Afur**

## **Rakkoo Naamusaa Balaadhaan Booda Uumamu**

Boqonnaan kun balaan walqabatee rakkooowan naamusaa uumaman ilaallata.

### **Sagantaa Raawwii**

Qabiyyee	Mala baruu-barsiisuu	Sa'atii
Madaallii leenjii duraa	Waraqaalee gaaffiiraabsii	Daqiiqaa 15
Seenaawwan seensaas	Dubbisu	Daqiiqaa 10
Kaayyoo boqonnichaa	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiiqaa 4
Hiikaafi ibsa	Dhiyeessuu,dubbisuufi mariyachuu	Daqiiqaa 15
Seenaawwan seensaara tti ibsa kennuu	Dubbisuufi mariyaachuu	Daqiiqaa 15
Taphoota barumsa qaban	Taphicha hogganuu	Daqiiqaa 20
Wantoota maatiin raawwachuu qabaniifi ergawwan furtuu	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiiqaa 10
Madaallii leenjii boodaa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiiqaa 15

## Seena Seensa 1

Gadaan umriin isaa waggaa torba yommuu ta'u kan jiraatus akkawoo isaa biradha. Gadaan barataa kutaa tokkoffaati. Yeroo dhiyoo asitti amala duraan hinqabne mana barnootaa keessatti kan boqonnaa hinqabne dheekkamaafi amala dhabeessa ta'uu jalqabeera. Mana keessattis obboleewanisaatti dheekkamuu akka eegale, obboleessa isaa isa quxusuu akka reebuufi meeshaalee manaa akka caccabsu akkawoon isaa nidubbatu. Ji'ota sadan darbanii asitti hirriba gaarii akka hinqabneefi halkan iyyee hirriba keessaa akka dammaqudubbatu. Yeroo dhiyaa kana obboleessa isaa quxusuurraa paantii irraa baasee qaama saalaa obboleessa isaa qabuuf yoo yaalu arganiiru. Akkawoon isaa yommuu kana dhaga'an baay'ee rifatan. Akkawoon isaad Gadaa qophaatti dubbisan. Cimsanii yommuu gaafatan ji'a tokko dura olla isaanii tokkoo akka gudeeddii irratti raawwate itti hime.

## Seena Seensa 2

Gaaf tokko galgala Obbo Jiraataan gara mana isaatti deemaa osoo jiruu dargaggoonni wayii utuu isaan namicha tokko reebanii arge. Yommuu dargaggoonni sun mataa namichaa rukkutan, namichi lafarratti diriire ijoolleen sunis namicha kana dhagaan, uleefi meeshaa qara qabuun miidhaa irraan ga'uutti fufaniiru. Namichi akka isaan isa dhiisan yoo kadhatullee isaan garuu isa reebuu hindhaabne. Namichas lubbuun isaa nidabarte. Dargaggoonni sunis

dhiisanii baqatan. Obbo Jiraataanis waan arge kanatti baay'ee nahuu isaarrraa kan ka'e socho'uus ta'e waan tokko gochuu hindandeenye. Bakka dhaabatetti gogee hafe.

Gocha suukanneessaa sana erga ilaalee booda, akka adooduu ta'ee utuu hinbeekiin miila isaatiin utuu deemuu halkan akkamitti akka ga'e utuu hinbeekiin gara mana isaatti deebi'e

Obbo Jiraatan guyyaa kanaan booda jijjiramni amalaa irratti mul'achu jalqabe. Ji'a ja'a booda hiriyaan isaa durii tokko isa argee, "Haalli kee natti jijiirame, maal taate?" jedhee yommuu gaafatu, galgala gara mana kootti galaa osoon jiruu gochi suukanneessaa arge tokko sammuu koo keessaa baduu akka dide, wantichi baay'ee nagaa akka isa dhowwe hiriya isAAF hime. Guyyaa guyyaa keessumattuu yommuu qofaa isaa taa'u haalli namichaa sammuutti dhufee isa jeeqa. Yeroo tokko tokko taateen sun kanuma amma raawwate ykn ammuma fuuldura isaatti raawwatama kan jiru akka itti fakkaatu, akkasumas halkan halkan immoo haalli namichaa abjuun itti dhufee hirriba akka isa dhowwu hiriya isatti hime. Hiriyooni isaa kan isa waliin hojjatanis jijiiramni amalaa obbo Jiraataa itti bitaacha'eera. Amala dhabeessa, mormaa, waa'ee mataa isaafi waa'ee gara fuula duraa nama hindhiphanne ta'eera. Haati warraa isaas haala obbo Jiraataa yommuu gaafatamu yeroo dhiyoo asitti walitti fufee akka dhugu, yeroo hunda akka boo'uufi gaafa waan suukanneessa arge sana waan tokko gochuu dhiisuu isaatti balleessaa raawwachuu isaa akka itti dhaga'amu akka itti himee jiru ibsite. Dargaggoota namicharraan miidhaa geessisan baay'ee isaanii yoo kan beeku ta'el ee poolisootatti himuuf ija jabina hinarganne.

### Mariyachiisaa

Hirmaataan eeyyamamaa ta'e tokko seenicha akka dubbisu gaafadhaa.

Gaaffilee armaan gadii hirmaattota gaafachuun deebii isaanii gabateerratti /waraqaarratti barreessaa :

1. Namoonni akka amala Gadaa/Jiraataa qaban isin mudatanii beekuu?
2. a. Gadaan rakkoo maal maalfaa qaba?  
b. Obbo Jiraataan rakkoo maal maalfaa qaba?
3. Namoonni rakkoon akkasii irra ga'e hawaasa biratti akkamitti ilaalamu?

Dhuma boqonnaa kanaatti hirmaattonni:

- Rakkoonwan balaa wayii booda uumaman adda baasanii nibeeku.
- Balaa booda namoota rakkoon naamusaa irratti mul'atu keessumattuu daa'immaniifi dargaggoota adda baasuu nidanda'u.
- Balaa booda namoota rakkoon naamusaa irratti mul'atuuf kunuunsaafi ofeeggannoo mana keessatti taasifamuuf nibeeku.

- Balaa booda namoota rakkoon naamusaa qaqqabe yoom gara dhaabbata fayyaatti ergamuu akka barbaachisu ni beeku.

### **Mariyachiisaa**

- Kaayyoo boqonnichaa dubbisaaffi
- Balaa booda waa'ee rakkoo naamusaa uumamuu waan isaan beekan gaafadhaa.
- Deebii isaanii gabatee/chaartiirraatti barreessaa.

### **Hiikaafi ibsa.**

Dhukkubni kun balaa suukkanneessaan yoo mudate yookiin erga ijaan arganii booda rakkoo naamusaa namootarratti mul'achuu danda'udha. Jijiramni amalaan yeroo baay'ee mul'atu taatee waan raawwatamee sana irraa deddeebi'anii yaaduufi wantoota mudannicha akka yaadatan taasisuu danda'an jalaa dheessuuf yaaluudha.

### **Mariyachiisaa**

Balaa ykn miidhaa suukkanneessaajechuun maal akka ta'e mariin akka irratti gaggeeffamu godhaa.

- Miidhaa qaamaa baay'ee suukkanneessaajecchuun maal akka ta'e mariin akka irratti gaggeeffamu godhaa.
- Gudeeddi
- Dhiibbaa cimaa xiinsammuu(fakkeenyaaf oduu/ fiilanii baay'ee suukkanneessaajecchuun maal akka ta'e ilaaluu)
- Balaa uumamaa

Balaan sun cimaa ta'uu baatullee namicharratti (keessumatti sammuu ijolleerraatti) ulfaatinni /hiikkoo inni balichaaf qabu murteessaa akka ta'e hirmaattotti hirmaa.

Miidhaan dhaqqabe mana barnootaa keessatti yoo ta'e mucichi mana barnootaa dhaquuf sababoota armaan gadiiraan kan ka'e akka itti cimu hirmaattottt himaa.

Fakkeenyaaf miidhicha yaadachuu miidhaa sana fakkaatu dhaga'uu naannoo miidhaan itti raawwatame ijaan arguu.

1. Yaadni haala suukkanneessaajecchuun maal akka ta'e mariin akka irratti gaggeeffamu godhaa.
2. Wantota kamiyyuu balaa sana waliin walqabatan jalaa dheessuu, namichis bakka balaan itti uumame, yeroo balichi uumame namoota turan, namoota balaan irratti raawwatame, waa'ee balichaa gaafachuu, mariyachuu, seenaa kana fakkaatu dhaga'uu dhiisuu ykn jalaa dheessuun irraa mul'ata.

3. Taatee balaa kanaatiin booda namichi waa'ee waan hundaaf yaadaafi miira hi'eentaa ta'ee qabaachuu
4. Balaan sun akka waan amma raawwatamaa jiruuti itti dhaga'amuu (yeroo tokko tokko namichi akka waan balaan amma uumamaa jiruutti iyyuu ykn sodaachuu nidanda'a)
5. Wantoota balicha isa yaadachisan yommuu argu shipuun ykn sodaan liqimfamuu

### **Mariyachiisaa**

Namichi waa'ee waan hundaaf yaada fi miira hi'eentaa ta'e qabaata yommuu jedhamu waa'ee mataa isaa, waa'ee namoota biro, waa'ee addunyaafi waan uumameef yaadota hi'eentaa ta'aniifi harbeeffaman qaba jechuuf ta'uu isaa ibsaafii.

Jijiiramoota amalaa namicharratti mul'atan akka dhukkubaatti fudhachuuf wantoonni armaan gadii argamuu qabu:

- Hojii/ barmsaafi sochii hawaasummaa namichaarratti dhiibbaa hi'eentaa uumuu
- Namicharratti dhiphuu hamaa uumuu
- Mallattooleen kun ji'a tokkoon ol turuun irra jiraata.

### **Ijolleerratti**

- Mucaan/mucayyoon yommuu hojii malee taa'an balaan sun sammitti isaan dhufa
- Ijoolleen taatee ta'e sana tapha isaanni keessatti agarsiisuu danda'u. Fakkeenyaaaf, ashaangulliitiitti fayyadamuun miidhaa isaanirra ga'e agarsiisuu nidanda'u
- Amalli humnaan deemuu irra deddeebi'ee irraa calaqqisuu danda'a
- Abjuu sodaachisaafi dhukkubbiin qaamaa jechunis garaa muruu, bowwuun mataa irra deddeebiin akka itti dhaga'amu ibsuu nidanda'u

### **Dargaggootarratti**

Taateewwan jirenya isaanii keessatti hammachiisuu nidanda'u; fakkeenyaaaf,

- Amala lola kaasuufi fedhii saalquunamtii agarsiisuu
- Manaafi mana barnootaa keessatti rakkoo uumuu, hiriyaal waliigaluu dhabuu

- Guddinaan duubatti deebi'uu; fakkeenyaaf, raawwiin barnootaa gadi bu'uu, siree (bakka ciisutti fincaa'uu ykn qofaa rafuu sodaachuu irraa calaqqisa.)

### **Mariyachiisaa**

Jijjiramoota amalaa calaqqisu danda'an itti himaa. Fakkeenyaaf, nama arrabsuu, reebuu, fedhii saalqunnamti agarsiisuu

## **Ka'umsa**

### **Haalota rakkichaaf ka'umsa ta'uu danda'an**

- Balaa sukkanneessaaf/taatee suukkanneesaaf) saaxilamu ykn ijaan arguu
- Miidhaa namoota dhiyoorra ga'e arguu ykn dhaga'uu

### **Marsiisisaa**

Ka'umsa rakkichaa osoo itti hinimiin dura dhukkubni akkanaa kun sababa maaliin dhufa jedhanii akka yaadhanii gaafadhaa.

Halonni armaan gadii rakkichaaf ka'umsa ta'uu akka danda'an itti himaa

- Balaaf(taatee suukkanneessaaf) saaxilamu ykn ijaan arguu
- Miidhaa namoota dhiyoorra ga'e ijaan arguu ykn dhaga'uu

## **Seenaawan seensaarratti ibsa kennuu**

1. Namoota akka Gadaa ykn Obbo Jiraataa mallatoon akkasii irraa calaqqisu argitanii beektuu?
  - A. Eeyyee
  - B. Lakkii

2. A. Gadaan rakkoo maal maalfaa qaba?
- B. Obbo Jiraataan rakkoo maal maalfaa qaba?
3. Namoota biroo rakkoo akka Gadaafi obbo Jiraataa qabaniin hawaasni/ namoonni maal jedhanii yaadu?

### **Mariyachiisaa**

#### **Deebii**

2. A) boqonnaa kan hin qabne, dheekkamaafi amala dhabeessa ta'uu ,obboleessaa isaa reebuu, abjoochuu, meeshaa manaa caccabsuu, obboleessa isaa isa xiqqaarraa surreesaa irraa baasuun qaama saalaa isaa qabuuf yaaluu
- B) guyyaa guyyaa yommuu qofaa isaa taa'u haala namtichaa yaadachuu, yeroo tokko tokko taateen sun achuma fuula isaa duratti raawwatamaa kan jiru itti fakkaachuu, taatee raawwatame ilaalcissee abjoochuu, naamusa kan hinqabne mormaa, nama waa'ee ofiifi waa'ee gara fuulduraa hinyaadne ta'uu, walitti fufiinsaan dhugaatii alkoolii dhuguu, irra deddeebiin boo'uu, miirri balleessummaa itti dhaga'amuu.
3. dhahicha naasuudhaan dhufu jedhanii amanuu, namticha akka nama onnee hinqabneefi sodaataa godhanii ilaaluu, namoota miidhaan irra ga'e balleessan kan isaanii godhanii ilaaluu, waa'ee miidhichaa dubbachuu dhiisuu ykn namtichi miidhaan irra ga'e akka hindubbanne dhowwuu
4. kunniin hundi yaadota dogoggoraa ta'uu isaanii cimsaa itti himaa.

### **Taphoota barumsa qaban**

Dubartiin tokko shamarree umriin ishee wagga 14 ta'e qabdi. Haatiis mucayyoo isheerratti jijiiramni amalaa akka calaqqisu arguu jalqabde. Mucayyoon hirriba hinraftu; halkan halkan ni'abjoofti. Salphumatti aarti. Namootarraa halkan ni abjoofti. Salphumatti aarti Namootarraa of fageessiti. Namni tokkollee gara kutaa ciisicha ishee akka seenu hinbarbaaddu. Jijiiramoonni amalaa kun hundi kan mul'atan hojjachiisaa abbaa ishee kan ta'e eessumni ishee ergaa ishee gudeedee asidha. Eessumni ishees taatee kana nama tokkottillee yoo himtee argamte abbaa ishee hojiirraa akka ari'u itti himuun ishee

sossodaachisee ture. Haati ishee waan uumame waan tokkoollee hinbeektu. Naamusni (amalli) mucayyoo ishee maaliif akka jijiirame beekuuf yaalaa jirti.

### Mariyachiisaa

Seenicha hirmaattotaaf dubbisaa. Namoonni fedhii qaban lama amala haadhaafi mucayyoo fakkeessanii akka taphatan filadhaa.

- Mucayyoon dubbachuudhaaf qophooftuu miti.
- Haati mucayyooraa odeeffanoo argachuuf yaalti.

### Maatiin maal gochuu danda'a?

- Jijiiramni amalaa kun kan sirri hintaane ta'uu mirkanoeffachuu
- Abbaa rakkichaa miseensota maatii, hiriyootaafi barattoota biroo waa'ee rakkichaa barsiisu itti himuu
- Miira namoota biroo mudannoo hi'eentaa qaban akka hintuqne akka of eeggatan jajjabeessuu
- Namoota rakkoon kun isaan mudate dafanii gara mana yaalaa geessuu,
- Ijolleerratti murteessuu ykn deebisaniin isaanuma komachuun gonkuma jiraachuu hinqabu.
- Miira isaanii sodaa tokko malee haala itti ibsachuu danda'an mijessuuifi jajjabeessuu
- Namichi waa'ee miidhaa ykn balaa isa mudate akka dubbatu gargaaruu, dhiibba irratti gochuu dhiisuu
- Mana barnootaatti. mana keessattifi bakka kamittuu qoollifatamuu ykn jijiirama amalatiin kan ka'e miidhaan akka irra hingeneye gochuu.

### Mariyachiisaa

- Yeroo baay'ee namoonni haalicha dhaga'an namicha miidhaan irra ga'een waa'ee miidhaa ga'eetiif gaafatamaa godhanii ilaalu. Fakkeenyaaaf, galgalaan maaf bakka sana dhaqx? Quuftuu waan taateefi mitii? fi jechoota kan fakkatan fayyadamu, yaadonni akkasii gonkumaa dogoggoraafi caalaatti namicha kan miidhudha.
- Waa'ee miidhaa qaqqabee gonkuma dubbachuu dhiisuun akka ibidda dibuutti ilaalamu. Ibidda dibame tokko dhaamsuuf daaraa gubbaan jiru irraa kaasuun bishaan itti dhangalaasuun akkuma barbaachisu madaa miidhaan sun uume fayyisuufi akka malaa hingodhanne gochuuf waa'ee haalichaarratti

### **Mariyachiisaa**

Ergaawaan furtuu dubbisaafii

### **Ergaawwan furtuu**

- Rakkoowwan naamusaa/ amalaa taateewwan suukkanneessoo kamyuu booda dhufuu danda'u.
- Mallattooleen daa'immaniifi dargaggeeyyiin calaqqisiisan kan gurguddootaarraa adda ta'uu nimala.
- Namoota miidhaan irra ga'e, miidhaa qaqqabeef gaafatamaa gochuun gonkumaa sirrii miti.
- Qaama falaa keessaa tokko taateewwan uumamanirratti ifatti mariyachuudha.
- Namoota rakkichi isaan mudate dafanii gara dhaabbata fayyaatti geessuun barbaachisaadha.

### **Boqonnaa Shan**

### **Saayikoosisii**

Boqonnaan kun waa'ee dhukkuba sammuu saayikoosisii jedhumurratti xiyyeffata.

## Sangantaa Raawwii

Qabiyyee	Mala baruu-barsiisuu	Sa'atii
Madaalli leenjii duraa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiiqaa 15
Seenaa seensaa 1 fi 2	Dubbisu	Daqiiqaa 7
Kaayyoo boqonnichaa	Dubbisuufi mariyaachuu	Daqiiqaa 4
Hiikaafi ibsa	Dhiyeessuu dubbisuufi mariyachuu	Daqiiqaa 15
Seenaawan seensaarratti ibsa kenuu	Dubbisuufi mariyaachuu	Daqiiqaa 15
Taphoota barumsa dabarsa	Taphicha hogganuu	Daqiiqaa 20
Wantoota maatiin raawwachuu danda'aniifi ergaawan furtuu	Dubbisuufi mariyaachuu	Daqiiqaa 10
Madaallii leenjii boodaa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiiqaa 15

## Seenaa Seensaa 1

Sa'iid dargaggeessa umrii waggaa 15 fi barataa kutaa 9ffaati. Tibbana, haala duraarraa bifa adda ta'een waantoota raawwatu hundaaf baay'ee saffisaa ta'ee jira. Yommuu dubbatus baay'ee saffisa. Sagalee isaas ol kaasee dubbata. Yommuu muuziqaa dhaggeeffatus sagalee isaa garmalee olkaasee iyyisiisa. Magan! Manaattis karaarrattis nidaalalas nisirbas. Sa'iid kennaa addaa qabuuf barsiisota isaa barsiisuun akka isaaf malu barsiisaa isaatti dubbata. Magan! Halkan guutuu akka sirbeefi odeessetti bula. Waan arge, waan fedhe hunda" naaf ta'a!" jedha. Waan arge, waan fedhe hunda "naaf ta'a! jedha. Waan fedhe sana yoo hinarganne nidheekkama, humnaan deema. Shamarran olla kan waliin guddate kan dura akka obboleeyyan isaatti ilaalu yommuu isaan argu "na dhungadhaa! Wal haa fuunu " jedhee gaafata.

## Seenaa Seensaa 2

Obbo Addunyaan manguddoo waggaa 48 ti. Haadha warraa isaaniin addaan ba'aniiru. Obbo Addunyaan abbaa ijoollee saditi. Konkilaataa isaanii oofaa osoo jiranii nama lafoo deemaa jiru tokkoratti miidhaa qaamaa salphaa qaqqabsiisan. Dhimmichis jaarsummaan fala argatee Obbo Addunyaafi namichi rukkutame erga araaramanii ji'a tokko ta'eera. Obbo Addunyaanis

namichi isaan konkolaataan rukkutan sun natti dhaadachaa jira jechuu jalqaban. Achis, namichi moraa/falfalaa akka ta'eefi ajeessuuf akka isa barbaadu shaakkii tokko malee odeessuu, dhiphachuu jalqabe. Namichi isa ajeessuf barbaadu kun yoo jiraate kaaffeefi reestooraantota waliin walitti dhufeenyaa qaba jechuun Obbo Addunyaan kaaffeefi reestooraanti fayyadamuu dhaaban. Sababni isaas, bakka kanneen seenanii yoo sooratan summii kenuufii akka danda'an waan amananiifidha. Abbaan haadha warraa isaanii duraas qaama dhimma kana waxixneessan akka ta'anitti shakka. Kaahiniin abbaa nafsee isaanii ta'anis namicha waliin natti mariyachaa jiru jedhanii waan amanafaniif Obbo Addunyaan bataskaana deemuus dhaabaniiru. Sodaan liqimfamurraan kan ka'e erga hirriba dhabanii guyyaa baay'een darbeera. Halkan halkan kutaa ciisichaa isaaniin alatti namoonni yoo hasaasan akka dhaga'an dubbatu.

### Marsiisaa

Hirmaataan fedhii qabu tokko seenicha akka dubbisu gaafadhaa. Gaaffilee armaan gadii hirmaattota gaafadhaatii deebiisaanii gabatee/chaartirratti barreessaa.

1. Namoonni akka Sa'iidiifi Obbo Addunyaayaa isin mudatee baakaa?
2. Namoota rakkoo kan akka Sa'iidiifi Obbo Addunyaayaa qaban ilaalchisee namoonni maal jedhu?
3. Rakkoon Sa'iidiifi Obbo Addunyaayaa maal maalfa'i?

Waa'ee seenichaarratti gaaffii yoo qabaatan gaafadhaa.

Seenicharraa maal akka hubatan, Sa'iidihiifi Obbo Addunyaayaa jidduu garaagarummaafi tokkummaa jiru gaafadhaa, deebii waanii gabateerratti barreessaa.

### Kaayyoo Boqonnichaa

Dhuma boqonnaa kanaatti hirmaattonni:

- Maalummaa saayikoosisii nibeeku
- Mallattoowwan saayikoosisii adda nibaasu.

- Waa'ee ka'umsa saayikoosisii hubannoo ga'aa niqabaatu
- Nama saayikoosisii qabu akkamitti kununsuufi yoom gara mana yaalaa akka geessan nibeeku.

### **Mariyachiisaa**

Kaayyoowwan kanneen dubbisaafi, mariis irratti gaggeessaa.

### **Hiikaafi ibsa**

Dhukkubni sammuu saayikoosisii jedhamu jira kan jennu yaadni dhukkubsataa bifa itti fufiinsa qabuun dhugaa jiruun ala yoo ta'uufi kanarraas kan ka'een sochiin dhukkubsatichaa ykn namoota naannoo isaa jiranii yoo rakkoo garagaraaf saaxilamanidha. Kanneen armaan gadii mallattoowwan saaayikoosisiiti:

**Jiraachuu deloozyinii (amantii dogoggora)**- amantii ragaa hinqabneefi kan namoonni biroon hindeeggarre fakkeinyaaf haati koo soorata keessatti summii dabalaajirti, namni hundi waa'ee koo odeessa, televiizyiniinis raadiyoonis waa'ee kootu odeeffama; daandiin qilleensaa Itoophiyaa kan kooti; ani ergamaa Waaqayyooti fi kkf---

**Haluulineeshiniin jiraachuu**- Wanti sagalee dhageessisu tokkollee osoo hinjiraanne sagalee dhaga'uu, wanti argamu tokkollee osoo hin jiraatiin wanti natti mul'atu jira jechuu wanti urgaa'u tokkollee osoo hin jiraanne wanti natti urgaa'u jira jechuu, osoo wanti tokkollee isa hintuqiin wanti tokko qaama koo tuttuqaa akka jiru dhaga'uu,

**Jijiirama amala-** fakkeinyaaf, qofaa ofii odeessuu ykn kolkuu, sababa malee yeroo dheeraaf bakka tokko dhaabbachuu, boqonnaa dhabuu, hojii malee naanna'uu, qoolleeffachuu of gatuu, dammaqaa ta'uu dhiisuufi mallattoowwan biroo

- Yeroo tokko tokko sababe malee dheekkamuu namoota ykn qabneenyarr miidhaa geessisu ni danda'a.
- Gammachuu humnaa olii – waa'ee olaantummaa ofiirratti amantaa dogoggora qabaachuu, baay'ee odeessuu, maallaqa baraaxessuu, kan duraarrraa haala adda ta'een fedhii saalquunamtii waliin wal qabatan baay'isuu.

### **Mallattoowwan**

Yeroo baay'ee dhukkubichi kan mul'atu yoo hintaane, irra deddeebi'ee yoo hinmul'anneefi namichaafi namoota biroorratti yoo rakkoo hinuumne akka rakkottti fudhatamuu dhiisuu nimala.

Saayikoosisiin yeroo baay'ee dargaggummaatti jalqaba. Namoonni saayikoosisiin irra jiru ejjannoo namoota biroorratti qaban akkasumas humna kan fayyadaman balaafamoodha jedhamanii waan amanamaniiif namni isaan sodaata. Namoonni saayikoosisii qaban deeluviyiniifi haluulineeshinirraan kan ka'e namoota kaan akka diinaatti ilaaluu waan danda'aniifi ykn ykn namoota kaanirra miidhaa geessisuun gammachuu kennuufii waan danda'uuf darbee darbee baay'ee balaafamoo ta'uu nimalu. Wanti baay'inaan hubatamu garuu namoonni kunniin yeroo hedduu qaamota hawaasaa garagaraatiin miidhaan irratti raawwatamuu isaati

## Mariyachiisaa

Addunyaa kana gubbaatti amantaaleen ragaan hinargamneef argamuu nidanda'u. Fakkeenyaaaf, namoonni amantaa qabaniin addunyaa kanarratti ragaa qabatamaa kan hinargineef garuu bu'uura sagantaa amantii isaaniitiin miseensonni amantichaa hundi dhimma itti amanan qabu. Kana jechuun mallattoo saayikoosisii miti. Haata'u malee qajeelfama amantichaarraa haala adda ta'een namoonni amantiiwwan addaddaa qajeelfamni amantichi hindeeggarree ykn kan miseensonni amantichaa hinfudhanne yoo gaggeessaniifi kanaanis jireenyi isaanii ykn jireenyi namoota biroo rakkoo keessa yoo gale saayikoosisii ta'uu nidanda'a. Fakkeenyaaaf, namni Kiristaana ta'e tokko" Ani Waaqayyo biratti nama Kiristoosiin caaludha" jedhee yoo amane ykn Musliimni tokko" Ergamaan Allaa inni dhugaan ana" jedhee yoo amane saayikoosisii qaba jechuun nidanda'ama

- Darbee darbee wayita namoonni itti rifatan ykn ariifatanitti maqaan isaanii kan waamame itti fakkaachuu ykn utuu wanti tokko socho'uu kan argan itti fakkaachuu danda'a. Mudannoowwan kunnin mallattoowwan saayikoosiisii miti.
- Namoonni saayikoosisii qaban irra jireessi hojiwwan garagaraarratti of hirmaachisuu dadhabuutu irraa calaqqisa.
- Namootaan wal loluu, hirmannaan sirrii ta'uu dhabuun isaanii ifatti mirkanaa'e

Sa

Saayikoo sammuu kaanii dhiibbaan ida'ama rakkowwan sadanii saayikoosisiif ka'umsa ta'u. Rakkowwan ijoon sadeenis rakkowwan xiinsammuu, rakkowwan fayyaa qaamaa namichaafi rakkowwan naannooti. Akaakuuwwan saayikoosisii beekamoo keessaa muraasni

sanyiin, maatiin/ maatiin akka deeman nibeekama. Ka'umsi isaa kamis ta'e kam wantoonni sammuu namoota saayisisisii qaban keessa jiran yommuu waljala darban akka ta'e ragaawan saayinsii fulcha nikenuu. Daawwannaan baroota hedduuf gaggeeffame kan agarsiisu wantoonni armaan gadii saayikoosiisii wajjiin walqabachuu akka danda'an mirkaneessee jira.

- Dhugaatii alkoolii yeroo dheeraaf baay'isanii fayyadamuu ykn baala sammuu adoochuu/araada qalbsiisu fayyadamuu
- Dhukkuboota qaamaa tokko tokko
- Darbee darbee rakkowwan da'umsaafi ulfa wajjiin walqabatan
- Mudannoowwan addaddaa sammuu namaarratti dhiibbaa cimaa uumaan.

### **Mariyachiisaa**

Sababoota osoo itti hin himiin hirmaattonni waa'ee ka'umsa rakkoo kanaa maal akka yaadan gaafachuun deebii isaanii gabateerratti barreessaa.

Waa'ee sababootaarratti ilaachota dogoggoraarratti ibsa kennaa. Saayikoosiisiin abaarsaan, mora/ tolchaan, dhahichaan, budaadhan hindhufu.

### **Seenaawan seensaarratti marii taasisuu**

- a) Rakkowwan sa'iidiifo Obbo Addunya maal maal ture?
- b) Namoota biro rakkoo akka sa'iidiifi Obbo Addunya qabaniin namoonni maal jedhu?

### **Mariyachiisaa**

#### **Deebii**

- a) Sa'iid
  - Haala baratamerra dammaqaa ta'uu
  - Miira gammachuu daangaa darbe
  - Miira olaantummaa

### **Obbo Addunyaa**

- Amantii dogoggoraafi fudhatama hinqabne
  - Sobaan namoota yakkuu ykn shakkuu
  - Deeluuyiniin(amantaa dogoggoraan) irraa kan ka'een sodaan liqimfamuu
  - Haluusiineeshinii (sagalee hinjirree dhaga'u)
- b) Dubbii dogoggoraa, kan bu'uura hinqabne jedhamuu kan danda'an ibsu.

Saayikoosisiin sababoota armaan gadiitiin hindhufu

- Tolcha/moraan, dhahichaan, abaarsaan , budaan
- Namoota saayikoosisii qaban waliin jiraachuun hojjachuun

### **Taphoota barumsa qaban**

Aadde Ayyaantuun mucaa umriin isaa waggaa 12 ta'eefi maqaan isaa Caalaa jedhamu qabdi. Caalaan erga ji'a lamaa asii sababa tokko malee ni'iyya; nidheekkama; qofaa isaa odeessa; sababa tokko malee iyyee deebi'ee kolfa. Yeroo tokko tokko haati isaa yommuu isa ilaalan nama hinmul'anne wayii waliin waan haasa'aa jiru fakkata. Aadde Ayyaantuun, "Kun dhahichadha," jedhanii sodaataniif gorsa gaafachuuf gara mana olla isaanii dhaqan.

### **Mariyachiisaa**

1. Seenicha hirmaattotaaf dubbisaa. Amala adde Ayyaantuufi olla isaanii qooddatanii kan taphachuu danda'an hirmaattota keessaa namoota lama filaa.
2. Haati mallattoowwan kanneen ibsaafii gorsaafi gargaarsa argachuuf akkamitti akka yaalan, ollaanis dubbii bu'uura hinqabneefi miidhaa qaban ibsuuf yommuu carraaqxu agarsiisuf haa yaalan

## **Mariyachiisaa**

Wantoota maatiin raawwachuu danda'aniifi ergaawan furtuu ta'an dubbisaafii

### **Maatiin maal gochuu danda'u?**

- rakkichi saayikoosisii ta'uu isaa adda baasuu
- dhukkubsatichi dhukkuba isaarraan kan ka'e namarrraa qollifachuu, tarii immoo namoota biroos ija gaariin ilaaluu dhiisuu waan danda'uuf haalli akkasii dhukkuba ta'uu beekuun maatiin dhukkubsaticha gargaaruufi gara laafuufii qabu.
- namni mallattoon saayikoosisii irraa calaqqisu yeroo hunda yaala argachuutu barbaachisa.

### **Ergaawan Furtuu**

- Saayikoosisiin dhukkuba nama kamirrattuu uumamuu danda'udha.
- Saayikoosisiin yeroo hedduu akka amanamutti dhukkubsataa waliin jiraachuun ykn waliin hojjachuun kan danddarbu miti.
- Hafuura hamaan ykn moraan/ tolchaan kan dhufu miti
- Saayikoosisiin yaalamuun fayyuun kan danda'amudha
- Dhukkubsattooni saayikoosisii balleessitoota, abbaa humnaa ykn kan namaan wallolan darbee darbee qofaadha.

## **Boqonnaa Jaha**

### **Rakkoowwan Dhugaatii Alkooliifi Baala Sammuu**

**Adoochu Fayyadamuu Waliin Walqabatan.**

Boqonnaan kun maalummaa rakkoonwan alkooliifi baala sammuu adoochu fayyadamuu waliin walqabatan ibsa. Rakkoon araadummaa dhukkuboota sammuu bal'inaan mul'atan keessaa isa tokkodha.

## Sagantaa Raawwii

<b>Qabiyyee</b>	<b>Mala baruu-barsiisuu</b>	<b>Sa'aatii</b>
Madaallii leenjii duraa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiqaa 15
Seenaa Seensaa	Dubbisuu	Daqiqaa 15
Kaayyoo boqonnichaa	Dubbisuu fi mari'achuu	Daqiqaa 15
Hiikaa fi ibsa	Dhi'eessuu, dubbisuu fi mari'achuu	Daqiqaa 15
Seenaa seensaarratti ibsa kennuu	Dubbisuu fi mari'achuu	Daqiqaa 15
Taphoota barumsa dabarsan	Taphicha hoogganuu	Daqiqaa 15
Wantoota maatiin raawwachuu danda'uu fi ergaawan furtuu	Dubbisuu fi mari'achuu	Daqiqaa 15
Madaallii leenjii boodaa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiqaa 15

## Seenaa Seensaa

Hundeen umriikn isaa wagga 16 dha. Warra isaatifis muca tokkcha. Hundeen barataa kutaa 9<sup>ffaa</sup> yommu ta'u jalqaba wagaarratti fudhanna barnootaa gaarii qaba ture. Barattoota lama kan kutaa 9<sup>ffaa</sup> barataniifi fayyadamtoota baala sammuu adoochu waliin erga hiriyoomee booda ji'oota muraasaa as qabxiin barnootaa isaa baay'ee gadi bu'aa dhufuu jalqabeera. Yeroo tokko tokko gonkuma mana barnootaa hinseenu. Yeroo kaan immoo gidduutti kutaadhaa badee deema. Hundeen kutaa keessa yommuu taa'us yaadaan kan liqimfamu, qulqullina ofii kan hineeganne, akkasumas keessattuu waaree dura yoo daree keessa ture hamuummaachaa kan boqonnaa hinqabne ta'eera. Maaliif akkas akka ta'e yoo gaafatamus deebii quubsaa hinkennu. Maatiin isas mana barnootaatti waamamanii waa'ee jijiirama amalaa Hundeeyommuu gaafatan manatti jijiiramoota tokko tokko argaa akka jiran, harmeen isaa nidubbatan. Yeroo tokko tokko kan gammaduufi si'ataa ta'uu, yeroo biroo immoo qofaa taa'uu akka filatu akka irratti argan dubbatu. Maallaqas dafee dafee akka isaan gaafatu, mana keessaas meeshaaleen gatii guddaan bitaman badaa jiraachuun akka rakkataa jiran ibsan. Barsiisaan isaa Hundeen waa'ee barsiifata badaa hiriyoota isaa cimsee yoo

gaafatu isaanis isa dhidhiibuun akka amala kana isa jalqabsiisianniifi innis akka fayyadamuu jalqabe dubbate.

### **Mariyachiisaa**

Hirmaataan eeyyamamaa ta'e tokko seenicha akka dubbisu godhaa. Gaaffilee armaan gatii hirmaattota gaafadhaa. Deebii isaan kennanis gabatee qophaa'e irratti barreessaa:

1. Nama akka Hundeem mallattoon akkanaa irraa calaqqisu argitanii beektuu?
2. Rakkoowwan Hundeem maal maal fa'a dha?
3. Namoota biro amalli kan Hundeerra calaqqisu namoota kaan biratti maqaa akkamitu laatamaaf

### **Kaayyoo boqonnichaa**

Marii kanaan booda hirmaattotni:

- Rakkoon araadummaa maal akka ta'e nihubatu.
- Araadummaan rakkoo sammuu akka ta'e nihubatu.
- Namoota rakkoo araadaan rakkataa jiran gara dhaabbata fayyaa geessuu akka qaban nihubatu.

### **Mariyachiisaa**

- Kaayyoo boqonnichaa dubbisaafii
- Namootni dhugaati alkooliii yookiin baala sammuu adoochu baal'inaan fayyadaman maal akka isaan mudatu hirmaattota gaafadhaa.
- deebisaanii bakka deebiif qophaa'erratti barreessaa

### **Hiikaa fi Ibsa**

Araadummaa kan jedhamu alkoolii yookiin baala sammuu adoochu fayyadamuu kan dhufu yommuu ta'u namni tokko aradaan qabameera kan jedhamu waan fayyadamaa jiru yoo dhiise ykn hanga duraan fayyadamaa turerraan yoo hir'ise rakkoowwan qaamaafi xiinsammuu yoo irra ga'ee dha.

Mallattoowwan rakkoo qaamaa kan ta'an hollachuu, dafqisiisuu, hamuummachuu, qaamni dhiisamuufi kanneen kan fakkaataniidha. Rakkoowwan xiinsammuu immoo wanta araada humnaa lo qabu barbaaduu, keessa ofiitti nageenya dhabuu, xiyyeffannoo gochuu dadhabuu, dheekkamuu, boqonnaa dhabeessa ta'uufi kkf. Rakkoowwan qaamaafi xiinsammuu kanneen bayyanachiisuuf namichi sun irra deebi'ee dhugaatii alkooliifi baala sammuu hadoochu fayyadamuu eegala.

### **Mariyachiisaa**

- hirmaattotni jijiirama amalaa ijoollee/barattoota isaaniirratti yoo argan maal ta'a jedhanii akkya yaadan gaafadhaa
- jijiiramni amalaa araadaa waliin kan walqabate yookiin ibsituu biroo dhukkuba sammuu ta'uu danda'a.(Fakkeenyaaaf, makaa'uu, Saayikoosisii)
- alkooliin yookiin baala sammuu adoochu fayyadamuu yommuu dhaaban jijiiramoota amalaa uumamuu danda'an irratti xiyyeffachuuun ibsaa

### **Sababa/Ka'umsa:**

#### **Namooni araada akkamitti jalqabu?**


- dhiibbaa hiriyootaa umriin walqixa ta'aniin
- yaaliidhaan
- gammachuu namaaf kenna jedhanii amanuufi of agarsiisuuf
- jabaatanii hojii hojjechuuf yookiin dirqama ofii bahuun, ija jabina argachuuf jecha.
- miira jeeqame ittiin sirreffachuuuf jecha
- miseensota maatii ilaaluudhaan

### **Mariyachiisaa**

Waa'ee'namoonni alkoolii yookiin baala sammuu adoochu fayyadamuu akkamitti eegaluu' jedhu ibsa gochuun dura namoonni maaliif alkoolii ykn baala sammuu adoochu akka fayyadamuu jalqaban hirmaattota gaafadhaa

Deebii hirmaattonni kennan wal bira qabuun tokkoo tokkoo qabxiif ibsa kennaa

**Araada dhiibbaa hiriyoota umrii walqixaan jalqabamu**



Namoonni araada alkoolii dhuguu ykn baala sammuu adoochu qaban haalonni armaan gadii irraa calaqqisa.

- Waan araada nama qabsiisu hinfayyadamu jechuu ykn waan fayyadamaa jiran hanga isaa xiqqeessanii ibsuu.

- Hojii idilee isaanii hanga ga'utti wantoota araada qabsiisu barbaacha yeroo isaanii balleessu
- Addaan kutuuf yoo yaalanillee fidi, fidi miirri jedhu waan isaan rakkisuuf deebi'anii eegalu
- Galii argatan baay'ee aradarra oolchu
- Wantoota araada qabsiisan fayyadamuu isaaniin miidhaan kamillee yoo irra ga'e fayyadamuu addaan hinkutan.

## Mariyachiisaa

Fakkeenya kennuudhaan ibsaafii

**Hinfayyadamu jechuu-** namni yeroo hunda machaa'ee galu ogeettiin fayyaa waa'ee akkataa fayyadama dhugaatii yommuu gaafattu ani hinfayyadamu hindhugu jedha.

- Hanga isaa xiqqeessu- namni guyyaatti araqee malakkee 5 dhugu “ ani darbee darbeen dhuga ykn malakkee lama qofaadha” jechuu danda'a.
- Halkoolii ykn baala sammuu hadoochu argachuufi fayyadamuuf yeroo isaanii balleessu, karaa dheeras deemu. sababa kanaan hojiirraa ykn mana barnootaarraa hafu. Irraa deddeebi'anii dhaabuuf yoo barbaadanillee nirakkatu; miirri ammaa ammaa fidi jedhu waan isaan rakkisuuf deebi'anii jalqabu.
- Rakkoon akkamiiliee yoo isaanirra ga'e fudhachuu itti fufu-fakkeenyaaf rakkoo fayyaa, rakkoo maallaqaa, rakkoo seeraan walqabate(fakkeenyaaf dhuganii konkolaataa oofuufi kkf---
- Galii argatan irra caalaa araadarra oolchu-sababa kanaan, jirenya isaanii sirnaan gaggeessuun itti ulfaata liqii keessatti dhuubamu; qabeenya isaanii *murooru veroo tokko tokko immoor batuuf yaadu*

## Seenaa sseensaarratti ibsa kennu

1. Rakkoon Hundee maal maal ture?
2. Namoota amala akka Hundee qabaniif hawaasa biratti maqaa akkamitu kennamaaf?

## **Mariyachiisaa**

Deebii hirmaattonni duraan kennan waliin wal bira qabuun ibsa.

Deebii gaaffii 2ffaa

Qabxii barnootaa gadi bu'aa dhufuu, yeroo tokko tokko gonkuma mana barnootaa seenuu dhiisuu, yeroo kaan immoo jidduutti badee deemuu, yeroo daree keessa taa'us yaada mataa ofiitiin liqimfamuu, qulquolina ofii eeggachuu dhabuu, kutaa keessatti hamuummachuu fi nama boqonnaa dhabe ta'uu, yeroo tokko tokko kan dheekkamu yeroo kaan immoo gammadaafi si'ataa ta'uu, qophaa ta'uu filachu, harmee isaa dafee dafee maallaqa gaafachuu mana keessaas meeshaaleen gatii guddaan bitaman baduu.

## **Ilaalchota dogoggoraa ibsaafii**

Araadummaan dhukkubadha. Kanaafuu, dhukkubsataa komachuun ykn maqaa hintaane kennuufiin (dhugduu, qamaatee jechuun) sirrii miti.

## **Taphoota barumsa dabarsan**

Haati mucayyoo ishee umriin wagga 16 ta'erratti jijjiirama amalaa waan argateef itti dubbachuuf yaalti. Mucayyoon baay'ee dhiisistee (halkan) galti. Maaliif akka daftee hingalle yommuu haati gaafattu nidheekkamti. Kanarratti dabalataan mataa ishee hineeggatu. Raawwiin barnootaa ishee gadi bu'aa dhufeera. Mobaayila koo na jalaa hatan jettee dubbatti.

## **Mariyachiisaa**

Hirmaattota keessaa namoota fedhii qaban lama filachuun tokko amala mucayyoo , tokko immoo amala haadhaa fakkeessanii akka taphatan godhaa.

Haati jijjiramni amalaa intala ishee kan ishee dhiphise ta'uu ibsaa sababa isaa beekuuf yaalti. Mucayyoon jalqabatti dheekkamuuf yaalti. Kana malees,

## Mariyachiisaa

Maloota ittisa rakkoo araadaafii ergaawwan furtuu dubbisaafii

### Maatiin maal gochuu danda'u?

- Waa'ee alkooliifi wantoota biroo araada qabsiisanirratti ijoollen hubannaakka argatan barsiisuu
- Warri fakkeenya gaarii ta'uutu irraa eegama. Waan ijoollen hingodhiin jedhan ofiis raawwachuu dhiisuun agarsiisuu
- Araadni dhukkuba ta'uu beekuu
- Mallaattoon araadummaa yoo namootarratti mul'ate namicha gorsuu, gara mana yaalaa akka dhaqu jajjabeessuu

### Araada akkamitti ittisuun danda'ama?

Utuu rakkoon araadummaa hinuumiin dura.

- Miiniimidiyyaa manneen barnootaatti fayyadamuun barsiisuu
- Yeroo barnoota idilee keessatti hammachiisuun

Erga rakkoon araadummaa uumamee booda:

- Namcihi rakkoo keessa jiraachuu akka hubatu yaaluu
- Dhaabuuf kaka'umsa akka horatu gochuu

### **Ergaawan furtuu**

- Araadummaan nageenya namcihaaf, maatiifi hawaasaaf balaadha.
- Araadummaan nageenyaafi oomishtummaa hawaasaa darbees immoo dinagdee biyyaa garmalee miidha.
- Araadni dhukkuba sammuuti. Kanaafuu, namicha komachuu osoo hintaane gorsuun barbaachisaadha.
- Araadni yaalaan fayyuun nidanda'ama.

**Boqonnaa Torba**

**Gaggabdo**

Boqonnaan kun maalummmaafi akaakuu dhukkuba gaggabdoor akkasumas yoo dhukkubichi itti ka'e maal gochuu akka qabnu nu barsiisa.

## Sagantaa Raawwii

Qabiyyee	Mala baruu barsiisuu	Sa'atii
Madaalli leenjii duraa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiqa 15
Seenaa Seensaa	Dubbisu	Daqiqa 6
Kaayyoo boqonnichaa	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqa 4
Hiikaafi ibsa	Dhiyeessuu dubbisuufi mariyaachuu	Daqiqa 15
Seenaa seensaarratti ibsa kennuu	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqa 15
Taphoota barumsa dabarsan	Taphicha hogganuu	Daqiqa 20
Wantoota maatiin raawwachuu danda'aniifi ergaawan furtuu	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqa 10
Madaalli leenjii boodaa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiqa 15

## Seenaa seensaa

Lubbuun daa'ima umrii waggaa 9ti. Gaaf tokkoo utuu mana barnootaa keessa jirtuu akka tasaa of wallaatee kufti. Erga kuftee boodas mallattooleen armaan gadii irraa calaqqisan: nafni ishee hojjaa ishee hundaan diriiree gogge; mormi ishee immoo gara tokkotti duufee jira. Nafni ishee goggoge sun nihollata; afaan isheerratti oomachatu mul'ata. Halli kun daqiqa muraasaaf itti fufee booda immoo ofumaa irraa dhaabbate. Isheenis nidammaqxe. Battaluma dammaqxeenis maal taatee akka turte namoota ishee cinaa jiran gaafatte.

### Mariyachiisaa

Hirmaataan fedhii qabu tokko seenicha akka dubbisu godhaa. Gaaffilee armaan gadiis hirmaattota gaafadhaa.

1. Nama akka Lubbuu mallatoon akkasii irraa calaqqisu argitnii beektuu?
2. Namoonni akkasii kunniin ergaarsa akkamii argachuu qabu?

### **Mariyachiisaa**

Kaayyoo leenjichaa dubbisaafii.

Gaggabdoon maal akka ta'e hirmaattota gaafadhaa.

### **Kaayyoo boqonichaa**

Leenjiin kun erga xumuramee booda hirmaattonni:

- Gaggabdoon maal akka ta'e n'beeku.
- Dhukubsattooni gaggabdoo qaban yoo isaan mudatan gargaarsa sirrii ta'e akkamitti akka kennan hubdannoo ga'aa ni'argatu.
- Yoom gara dhaabbata fayyaatti akka geessuu qaban hubannoo ni'argatu.

### **Mariyachiisaa**

Hiikaafi ibsa isaa dubbisaafii.

### **Hiikaafi ibsa**

Sammun dhala namaa hojii nafa to'achuu kan raawwatu waan akka elektirikiitti butu fayyadamuudhaan. Dhukkubni gaggabdoo jedhamu kan uumamu butaatiin elektirikaawaa

sammuu hamma lipshuu ijaaf wayita jeeqamudha. Butaatiin elektirkaawaa sammuu takcaa yoo uumame haala irra deddeebi'ee raawwatutu mul'ata.

Waan kana ta'eef, gaggabdoon takcaa yoo jalqabe irra deddeebi'ee uumamuun nidanda'a. Irra deddeebi'ee uumamuun isaa kunis dhukkuba yeroo dheeraaf itti fufu ta'uu nidanda'a.

Boqonnaa kana keessatti akkakuwwan gaggabdoon lama ilaalla:

1. **Gaggabdoon kuffiisu-** dhukkubsatichi hamma lipsuu ijaatti yeroo muraasaaf of wallaalee akka kufuufi akka hollatu kan taasisudha.
2. **Gaggabdoon joonjessu-** yeroo muraasaaf joonja'uu akkasumas tapha taphachaa jira yoo ta'e tapha jidduutti dhaabbachuu, meeshaa harkatti qabatee jiru gadi lakkisuufi kkf irraa calaqqisa.

### Sababa /ka'umsa

Gaggabdoon sababa addaaddaan uumamuun danda'a:

- Rakkoo yeroo da'umsaa mudatuun sammuun daa'imaa yoo miidhame
- Miidhaa mataarra qaqqabeen
- Dhukkuboota sammuurra miidhaa geessisuu danda'anin

### Mariyachiisaa

Sababoota ka'umsa gaggabdoon ilaalchisee fakkeenyota armaan gadii kennuun ibsa kennaa.

- **Rakkoo yeroo da'umsaa mudatu-** fakkeenyaaaf meeshaan deeggaramanii dahuu
- **Miidhaa matarra ga'uun-** fakkeenyaaaf kufuun, uleen rukkutamuun mataarra balaa cimaan yoo ta'e
- **Dhukkuboota biroo** – fakkeenyaaaf busaa mataa, manjalloo, TB, HIV/AIDS fi kkf.

### Mallattoowwan gaggabdoon

**Mallattoowwan gaggabdoon nama kuffiisu:**

- Akka tasaatti kufuu
- Morma gara tokkotti duufsiisuun harkaafi miila dabalatee nafni hundi diriiree gagoguun hollachuu
- Oomacha afaniin baasuu, arraba of ciniinuu
- Darbee darbees fincaan to'achuu dadhabuu
- Hollachuun erga irraa dhaabbatee booda, hirriba cimaa keessa seenuu, akkasumas mataa bowwwuu hamaa ta'een rakkachuu
- Erga dammaqee boodas itti bitaacha'uu, maaltu akka isa mudatee ture gaafachuu
- Dhukkubsatichi wayita taateen sun uumametti ofwallaalee waan tureef erga dammaqee boodas maltu uumamee akka ture yaadachuu dhabuu.

### **Mallattoowwan gaggabdoon nama joonjeessan:**

- Yeroo sekoondii muraasaatiif hojii hojjataa jiru dhaabuufi fajajuu. Tapha taphataa jira yoo ta'e tapha jiddutti akka tasaa dhaabbachuufi sekoondii muraasaaf fajajuu, qodaa harkaa qaban gadi lakkisuu

#### **Mariyachiisaa**

Mallattoolee kanneen dubbisuun ibsaafii; namani mallatoon akkasii irraa calaqqisu yoo isaan budate maal gochuu akka qaban hirmattota gaafadhaa.

Deebii isaanii waraqaa/gabatee qophaa'erratti barreessaa

### **Tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban**

- Wantoota miidhaa geessisan kan naannootti argaman (fkn bishaan, ibidda, maashina----) irraa fageessuu
- Yommuu hollatan ykn fajajan wantoota miidhaa isaanirra ga'uu danda'an naannoo sanaa fageessuu
- Sanqii/qabattoo akkasumas uffata naannoo mormaa hudhuu danda'an yoo jiraate laaffisuu fuullee ijaa irraa baasuu
- Nama kufe sana cinaachaan ciibsuu
- Yommuu hollatee lafatti of rukkutu mataan isaa akka hinmiidhamne morma jala waan lallaafaa kaa'uu yookiin harka akka boraatiitti fayyadamuun mataa ol degguu

- Hanga dammaqanitti bira turuu. Erga dammaqanii boodas gara dhaabbata fayyaa naannootti argamuutti geessuun barbaachisaadha.

### **Mariyachiisaa**

Tarkaanfiwwan fudhatamuu qaban ibsaafii

Uffata isaanii itti laaffisu, fullee ijaa irraa baasuu

Suuraa

Naannoo ibiddaarrraa fageessuu, karaa walakkaarrraa gara maddii karaatti baasuu

Suuraa

Morma isaanii jala waan lallaafaa (fkn boraatii uffata dadachaasuun) kaa'uu yookiin harka keenya morma isaanii jala kaa'uu

Cinaachaan ciibsuu

Suuraa

Gargaarsi barbaachisu erga kennameefii booda gara dhaabbata fayyaatti

.....

### **Mariyachiisaa**

Tarkaanfiwwan fudhatamuu qabaniifi fudhatamuu hinqabne kaasuun irratti mariyadhaa.

## **Tarkaanfiiwwan fudhatamuu hin qabne**

- Kibiriitii qabsiisuun itti uluun faayidaa hinqabu
- Fallaanaafi wantoota kana fakkatan afaan keessa kaa'uun ilkaan namichaa akka cabu gochuu nidanda'a.
- Sochii isaa dhaabsisuuf yaaluu- hollachuu isaa dhaabsisuuf jecha qaamni isaa akka hinschoone gochuun namichi akka naafa ta'u gochuu nidanda'a.
- Dhukkubni gaggabdoon yommuu namicha kuffisu baqachuun faayidaa hinqabu. Gaggabdoon hafuura hamaa wajjiin homaa walitti dhufeenya hinqabu; gaggabdoon nama tokkorraa kan birootti hindarbu.

## **Seenaa Seensaarratti ibsa kennuu**

1. Nama akka Lubuu mallattoon akkasii irraa calaqqisu argitanii beektuu?
2. Namoonni akkasii kun gargaarsa maalfaa argachuu qabu?
3. Namoota biroo rakkoo akka Lubbuufaa qabaniin namoonni maal jedhu?
4. Mallattoowan Lubbuurraa calaqqisaniif ka'umsi isaa maal ta'uu danda'a?

### **Mariyachiisaa**

1. Namoonni akkasii kunniin gargaarsa akkamii argachuu qabu?

Namoonni gaggabdoon kuffisu qaban gargaarsa kanaan dura armaan olitti tarreffaman argachuu qabu.

2. Namoonni biroon namoota rakkoo kan akka Lubuu qabaniin maal jedhu?

Seexanni /hafuurri hamaan irra buufatee jira kan jedhu ilaalchi dogoggoraan hawaasa bira nijira.

Ta

Jiituun umriin ishee waggaa 10 dha. Kan barattus kutaa 2<sup>ffaa</sup> keessadha. Gaaf tokko Jiituun barumsi kutaa keessatti kennamaa osoo jiruu akka tasaatti fajajjee turti. Sekoondii muraasaaf erga fajajjee turree booda, akka tasaatti dammaqxi. Yeroo tokko tokko immoo utuma hiriyoota ishee waliin taphattuu tapha jidduutti akka fajajuu taatee dhaabatti. Hiriyyoonni ishee “Jiituun danqaramtee hafte” jedhanii itti qosu. Qabxiin barumsaa ishee gadi bu’aa ta’uu isaarraa kan ka’e kutaarrraa gara kutaatti ce’uun itti ulfaatee jira.

### **Mariyachiisaa**

Hirmaattota eeyyamamoo ta’an lama filachuun tokko akka haadha Jiitutti, kan biroon immoo akka barsiistuu Araaree fakkaachuun ga’ee akka taphatan godhaa. Harmeen Jiitufi barsiistuu Araareen waa’ee raawwii barnootaa Jiiturratti nimariyat. Haati ishees” Jiituun sababni barumsi hingalleef iji budaa waan ishee ilaaleefidha jedhanii yaadu. Barsiistuu Araareen garuu rakkoon Jiituu tarrii dhukkuba gaggabdoof fajachu ta’uu akka danda’uifi ogeessa fayya bira dhaqxee yaalamuu akka qabdu harmee Jiitutti himan.

### **Mariyachiisaa**

Ergaawan furtuu dubbisuun hirmaattota Mariyachiisaa

## **Ergaawan furtuu**

- Gaggabdoon yaala ogeessa fayyaan nifayyama.
- Gaggabdoon dhiibbaa seexanaan ykn budaan dhufu mitii
- Gaggabdoon akka golfaa namarrraa namatti hindanddarbu
- Dhukkubsattoota gaggabdoof qabaniif gargaarsa barbaachisu erga gooneefii booda, gara dhaabbata fayyaatti geessuun barbaachisaadha.
- `Gaggabdoof yommuu jedhamu kan kuffisi qofa akka hintaan hubachuun barbaachisaadha.

## **Boqonnaa Saddeet**

## **Dhukkuba Xiyyefannoofi Tasgabbii Dhabsiisu**

Boqonnaan kun dhukkuba xiyyeffannoo olaanaafi tasgabbii kennuu dhabsiisuu ijoolleerratti barumsa kan kennudha.

## Sagantaa Raawwii

<b>Qabiyee</b>	<b>Malabaruu-barsiisuu</b>	<b>Sa'atiis</b>
Madaalli leenjii duraa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiqaa 15
Seena seensaa	Dubbisu	Daqiqaa 6
Kaayyoo boqonnichaa	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqaa 4
Hiikaafi ibsa	Dhiyeessuu dubbisuufi mariyachuu	Daqiqaa 20
Seenaawan seensaarratti	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqaa 20
Tapha barumsa kenu	Taphicha hogganuu	Daqiqaa 20
Wantoota maatiin raawwachuu danda'aniifi ergaawan furtuu	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiqaa 10
Madaallii leenjii boodaa	Waraqaalee gaaffiraabsuu	Daqiqaa 15

## Seena Seensaa 1

Jaallataan mucaa waggaa 7ti. Barumsa kan eegale bara darbedha. Ji'a jaharraa eegalee jijjiiramni amala hedduun irraa calaqqisaa jira. Daree keessatti nijeeqa; osoo hingafstamiin ykn dabaree osoo hineegiin deebii kenna. Daqiqaa muraasa caalaa barcumarra taa'ee turuu hindanda'u. Hojii daree barsiisaan kennuuf hojjatee hinxumuru. Hojii tokko hojjachuu jalqabee osoo hinxumuriin gara biraatti deema. Yeroo hunda humna cimaa qaba. Gonkuma hindadhabu Barsiisaan harmee Jaallataa waamsisanii waa'ee kanarratti mariisisan. Haatisaas mana keessattis akkasuma akka ta'e barsiisaatti himan. Barsiisaafi harmeen Jaallataa yommuu mariyataa turanitti Jallataan isaan wajjiin kutaa sana keessa ture. Jaallataan tasgabbaa'ee hinteenye. Asiifi achi deddeemuun meeshaalee kutaa keessa tuttuqaa waan arge hundi maal akka ta'e barsiisaa gaaffiidhaan boqonnaadhowwaa ture. Sababa kanaan, mariin isaanii addaan ciccita ture. Harmeen isaa tasgabba'ee akka taa'u yoo itti himtullee daqiqaa xiqquoof taa'ee ka'ee barcumarra dhaabbata. Achiis barcuma irra asiifi achii utaala.

### Mariyachiisaa

Hirmaataan fedhii qabu tokko seenicha akka dubbisu gaafadhaa.

Gaaffilee armaan gadii gaafadhaatii deebii isaan kennan gabateerratti barreessaa.

- Ijoolleen amala kan akka Jaallataa qaban/ argitanii guddistanii beektuu?

## **Seenaa Seensaa2**

Yisaaq mucaa waggaa torbaati. Mana keessatti wantoota addaddaa tuttuquu jaallata. Yommuu haati isaa dhiisi jettuu itti caala. Yisaaq kubbaa miilaa taphachuu jaallata. Tapha kubbaa tokkaa yoo jalqabe gara manaa akka dhufu yoo waamamullee tole jedhee hin dhufu. Kanaarraa kan ka'e harmeen isaa baay'ee itti arti; ni'adabdis. Haati isaa jijiiramuu naamusaa mucaa isheef waan dhiphatteef yommu inni mana barnootaatii dhufu manatti hidhuuf karoorfattee jirti. Mucaan barumsarratti hirmaanna dammaqaafi qaxii gaarii kan galmeessisudha.

### **Mariyachiisaa**

Waa'ee seenichaa ilaalchisee hirmaattonni yoo gaaffii qabaatan gaafadhaa.

Seenicharraa maal akka hubataniifi garaagaarummaafi tokkummaa Yisaaqiifi Jaallataaa gidduu jiru gaafadhaa. Deebii isaanii gabateerratti barreessa.

### **Mariisiaa**

Kaayyoo boqonnichaa dubbisaafii.

## **Kaayyoo Boqonnichaa**

Xumura boqonnaa kanaatti hirmaattonni:

- Waa'ee xiyyeffannoo olaanaa dhabuufi dhukkuba tasgabbii dhabuu adda baasanii nibeeku.
- Maatiin ijoollee rakkoo akkasii qaban adda baasuun gargaaruufi yaalsisuu nidanda'u.
- Ijoollee rakkoo akkasii qaban mana keessatti gargaarsa sirrii akka argataniif kaawwan barsiisuu nidanda'u.
- Yoom gara hakiima ispeeshaalistii ta'etti erguun akka barbaachisu nihubatu.

## **Hiikaafi Ibsa**

Xiyyeffannaan olaanaa kennuu dhabuufi dhukkuba tsgabbaa'uu dhowwu jechuun dandeettiin waan tokko irratti xiyyeffannoo taasisuu sadarkaa guddaan yoo hir'ateefi amala ofii to'achuu dadhabuurraan kan ka'e ijoollee sochiin (deddeemmiin) olaanaan irraa calaqqisu ibsuuf kan itti fayyadamu jecha hojii yaalaati mallattoowwan dhukkubicchaan bakka lamatti qoodnee ilaaluu dandeenya. Isaanis,

1. Xiyyeffannaan dhabuu sadarkaa olaanaa
  - Ajaja itti kennamu hordofuuu dhabuu , waan jalqaban xumuruu dadhabuuun irraa calaqqisa.
  - Waan hojjatanirratti xiyyeffachuu hindanda'an.
  - Tapha walxaxaa ykn hojii hiriyooni isanii umriin wal qixa ta'an hojjachuu danda'an qindeessanii hojjachuun isaan dhiba.
  - Akka salphaatti yaadni jalaa bittinnaa'a ykn nidagatu.
  - Waan itti himame yeroo baay'ee hindhaga'an.
2. Tasgabbii dhabuu humnaa olii, jarjaruu
  - Asiifi achii deddeemuu, boqonnaa dhabuun socho'uu
  - Dubbachuu dhaabuu hindanda'u; sagalee ol kaasanii odeessu.
  - Daree keessattis ta'e bakka birootti tasgabbaa'anii taa'uun isaanirra jiraatutti tasgabbaa'anii taa'uun hindanda'an; nifiigu; nijeequ.
  - Ijoolleen rakkoo akkasii qaban wantoota adda addaa osoo itti hinyaadiin raawwatu . Kunimmoo namoota biratti kashilabbee/saragee akka fakkaatan isaan taasisuu danda'a. Dabalataanis, mataa isaanii namoota biroofi qabeenya balaaf saaxiluu danda'a.
  - Namoota biroo hojii addaan kuchisiisu; nijeequ dabaree isaanii eeggachuu hindanda'an.

## **Mariyachiisaa**

### **Mallattoowwan kanneen dubbisaafii**

- Mallattoowwan kunniin yommuu mucaan bakka tokko qofatti argamu osoo hintaane, mucichi bakka kamiyuu yommu jiru irraa calaqqisuu qaba. Fakkeenyaaaf, manaafi mana barnootaatti
- Jijiiramni amalaa kun ji'a jahaa oliif kan ture ta'uu qaba.
- Rakkichi walitti dhufeensa mucichi mana barnootaatti, manaafi qe'ee keessatti taasisurratti dhiibbaa kan geessisu ta'uu mirkanoeffachuu

Tasgabbii dhabuu humnaa oliifi xiyyeffannaa dhabuun yeroo umrii ijoolummaarra yommuu jiran kan uumamudha. Walumaagalatti, umrii waggaan 12 dura kan mul'atu yommu ta'u mallattoowwan bu'uuraas xiyyeffannoo gochuu dhabuufi tasgabbii dhabuu ykn jarjaruu ykn miira keessa seenuufaadha.

## **Mariyachiisaa**

Ka'umsa rakkoo kanaa osoo itti hinhamiin dura hirmaattota gaafadhaa; deebii isaaniis gabateerratti barreessaa.

Sababoota rakkichaa haala armaan gaditti tarreeffameen ibsaafii

- Jeequmsa keemikaalota sammuu keessatti uumamanii (baay'achuu/xiqaachuu) . Ijooleen dhukkuba kanaan hubaman sumudoonni uumamaan sammu keessa jiran xiqaachuu nicalaqqisa.
- Sammuun miidhamuufi dhukkubaan hubamuu
- Sababoota biroo fakkeenyaaaf ulfaatina baay'ee gadi bu'aa qabaatanii dhalachuu, kunis haati yeroo ulfaa kan tamboo xuuxxuufi dhugaatii alkoolii dhugdu yoo ta'edha.

## **Sababoota**

Tasgabbii dhabuuniifi xiyyeffannaa gochuu dadhabuun rakkoo beekamaa yommuu ta'u sababoota addaddaan uumamuu nidanda'a:

Keemikaaloni sammuu keessatti argaman jeeqamuu baay'achuu yookiin xiqaachuu

- Sammuun miidhamuufi dhukkubbaan hubamuu
- Sababoota ka'umsaa kan biroo
- Yeroo baay'ee sababoonti kunniin walfaana dhufuu nidanda'u.

### **Mariyachiisaa**

Qabxiwwan ijoo ta'an walitti qabaa gudunfaafii.

## **Qabxiwwan ijoo**

- Mallattoowwan xiyyeefannaa dhabuufi tasgabbii dhabuu mucichaa bakka mucichi kamittuu njiraata (manatti mana barnootaatti)
- Tasgabbii dhabuun mucichaa hiriyoota isaa kan umriin walqixa ta'aniin walbira qabamee yoo ilaalamu baay'ee hammaataadha.
- Amalli kunis raawwii barnootaafi jiruu hawaasummaa irratti dhibbaa hi'eentaa niqabaata.

### **Ibsa Seenwwan seesaa**

Amalli ijolle umrii isaaniif sirriidha.

Amala Jaallataa

a) Rakkoodha      b) rakkoo miti.

Amala Yisaaq

a) Rakkoodha      b) rakkoo miti

### **Mariyachiisaa**

### **Deebii**

Amalli Jaallataa umrii isaaf sirrii miti; rakkoo qaba.

- Xiyyeefannoo gochuu dhabuu
- Tsfabbaa'uu dhabuu/jarjaruu
- Hojii addaan kutuu/xumuruu dhabuu

## **Tapha barumsa qabu.**

Biqiltuun umriin ishee wagga 6 yommuu ta'u barattuu kutaa tokkoffaati. Harmeen ishee, Leemmanee, naamusa mucaayyoo ishee sirreessuuf utuu yaaltuu baay'ee dadhabdeetti. Ollaa ishee kan taate Tolashee bira dhaqxee dhimma ishee kan mariisiste.

**Leemmanee:** Tolashe, akkam bulte?

**Tolashee:** Ani nagaadha. Maal atihoo nama dadhabe fakkaattaa?

**Leemmanee:** Mee na dhiisi; waa'een Biqiltuu baay'ee naa dadhabsiseera

**Tolashee:** Maal? Maal taate?

**Leemmanee:** sitti hin himnee ani? Biqiltuun mucayyoo baay'ee rakkistuu taatedha. Ijoollee wajjiin yommuu taphattu baay'ee kan loltu, boqonnaa kan hinqabne, bakka tokko kan hinteenyeefi hojmanee kan hinhojjanne, nyaatafillee yeroo kan hinqabnedha. Kun adabbii Waaqayyooti!

**Tolashee:** Obsi Leemmanee koo, baay'ee hinaariin

**Leemmanee:** Mana keessatti boqonnaa hinqabnu; sababa Biqiltutiin yeroo hunda gara mana barnootattan waamama. Rakkoo naamusaa qabdurraan kan ka'e barumsa idileen duraa erga jalqabdee kunoo yeroo sadaffaaf mana barnootaa jijiirte yoon adabus homaa jijiirama hinqabdu sanuma.

**Tolashee:** Leemmane, amalli Biqiltuu kun waggaa dheeraaf kan irra turedha naan jechaa jirtaa?

**Leemmanee:** waggoota sadif

**Tolashee:** Barsiisota isheerraaj gorsa gaafattee beektaa?

**Leemmanee:** Namni tokkollee kutaa keessaa akka teessu kan barbaadu hinjiru. Boqonnaa hinqabdu. Wantoota daree keessa jiran hunda tuttuquu, daree keessatti osoo hineeyyamamiiniif dubbachuu, gaaffiilee hin barbaachifne gaafachuu, matadureen ala bahuun gaafachuufi kkf....meeqan lakkaa' ee fixa!

**Tolashee:** Ijoollee naamusa badaa akkasii qaban raadiyooraa dhaga'eera; tasgabbii dhabuufi rakkoo xiyyeffachoo gochuu dadhabuu jedhama. Gara hospitaalaatti osoo geessinee hakiimonni gorsa nuuf kennu danda'u.

Leemmaneen (Tolashee addaan kuchisiisuun) kun dhukkuba naan jechaa jirtaa? Ani kun dhahicha hamaa wayiiti jedheen yaada ture;kadhatameefiis ture; budhaadha jennees gara hakiima aadaa beekamaa tokkoos dhaqnee turre; garuu jijiiramni tokkollee hin jiru.

**Tolashee:** Mee yaala ammayyaa kana tokkicha haa'ilaallu. Waan doktoroonti nuun jedhan haa dhageenyu. Amma mana jirtii?

**Leemmanee:** Eeyye boqonnaan argadha jedheen mana keessatti hidhee ka'een dhufe.

**Tolashee:** uffata koo jijiirradhee mee kaanee haa deemu.

**Leemmanee:** Tole!

### Mariyachiisaa

- Hirmaattota keessaa fedhiidhaan namoonni lama amala Tolasheefi Leemmanee fakkaatanii taphatan filadhaa.
- Mallattoowwan rakkoo naamusaa Biqiltuu tarreessaa (kan loltu, boqonnaa kan hinqabne, bakka tokko taa'uufi hojmanee hojjachuu kan hindandeenye, nyaatafillee yeroo kan hinqabne, daree keessaa wantoota hunda kan tuttuqxu, osoo hingaafatamiin kan deebistu, gaaffii mataduree waliin walitti dhufeenyaa hinqabne gaafachuu)

## **Maatiin maal gochuu danda'u?**

Ijoolleen rakkoo akkasii qaban dandeettiin xiyyeffanna gochuu isaanii gadi aanaa waan ta'eef akkasumas humna olaanaa waan qabaniif akka salphaatti jeeqamuu akka danda'an hubachuun barbaachisaadha.

- Itti dheekamuun ittuu dhiphuu uumuun ala gatii hinqabu. Ijoolleen akkasii amala akkasii kan agarsiisan badooma waan qabaniif osoo hintaane dhukkuba waan qabaniif ta'uu warri beekuu qabu.
- Hanga danda'ametti maatiin haala isaa hubatee nagaa akka argatan wa'ee rakkichaa barsiisuu, kun yoo ta'e rakkicha akka hinbabala'anne haalli gargaaru uumame jechuudha.
- Maatii keessatti gurguddoota gidduutti walii galtee dhabuun ykn walitti bu'iinsi maatii yoo jiraate karaa nagaa ta'een mariyachuun hiikuu. Waliigaltee dhabuun yoo jiraate iyyiif walreebuun yoo uumame ijoolleen rakkoo qaban sunniin akka salphaatti jeeqamuu danda'u.
- Ijoollee rukkutuudhaan ykn adaabbii qaamaa akkakuu birootiin adabuun yoo jiraate hafuu qaba.
- Ijoolleen naamusa /amala gaaarii ta'e yoo agarsiisan galatoomfachuufi jajjabeessuun barbaachisaadha.
- Bakkaafii yeroo humna qaban itti baafatan kennuuffi fakkeenyaaf kubbaa miilaa
- Rakkoon naamusaa yoo itti fufe gara hakkiima ogeessa sammuutti geessuufi ogeessa waliin mariyachuu.

## **Mariyachiisaa**

Hirmaattonni maatii Jaallataafi Yisaaqiif gorsa akkamii akka kennan gaafadhaa.

Wantoota maatiin raawwachuuun irra jiraatu dubbisaaffi. Maaloo dhaabbilee fayyaa tajaajilli fayyaa sammuu ijoolee itti kennamu ilaachisee fakkenya kennaafii (fakkeenyaaaf hospitaala Amaanu'el, Hospitaal Yakkaattit 12 Hospitaala Zawudituu Hospitaala Qiddus Phaawuloos)

## **Mariyachiisaa**

Ergaawan furtuu dubbisaaffi

## **Ergaawan furtuu**

- Ijolleerra rakkoon naamusaa akkasii yoo jiraate balleessaa warraa/maatii ykn kan ijoolee miti.
- Ijoolleen naamusini / amalli akkasii irraa calaqqisu kaanirraa akka adda ta'an hubachuufi rakkoo isaanii amanuun akkaataa itti isaan qabatan sirreessuun nibarbaachisa.
- Ijoolleen rakkoo akkasi qabaniifi jirenya hawaasummaafi xiinsammuu maatii isaanii jeequu danda'a. Dhukkubichi barumsaafi jirenya waliigalaa mucihaa/mucittirratti dhiibbaa inni qabu madaaluun nibarbaachisa.
- Dhukkuba yaalamuu danda'u ta'uu isaa hubaachuun barbaachisaadha.

## **Boqonnaa Sagal**

## **Koodii**

Boqonnaan kun koodii kan jedhamu amala badaa ijolleerratti yoo mul'atu akkamitti adda baasuuf gargaaruun akka danda'amu barsiisa.

## **Sagantaa raawwii**

Qabiyyee	Mala baruu-barsiisuu	Sa'atii
Madaallii leenjii duraa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiiqaa 15
Seenaa Seensaa	Dubbisu	Daqiiqaa 5
Kaayyoo boqonnichaa	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiiqaa 5
Hiikaafi ibsa	Dhiyeessuu,dubbisuufi mariyachuu	Daqiiqaa 15
Seenaa Seensaarratti ibsa kennuu	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiiqaa 20
Tapha barumsa dabarsu	Taphicha hogganuu	Daqiiqaa 20
Wantoota maatiin raawwachuu qabaniifi ergaawan furtuu	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiiqaa 10
Madaalli leenjii boodaa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiiqaa 15

## Seensaa Seensaa

Turaan umriin isaa waggaa 8 ti. Amalli /naamusi isaa baay'ee rakkisaa ta'aa waan dhufef dura bu'aan mana barnootaa isaa Turaan gara hospitaalaa dhaqee akka ilaalamu warra isaatti hime. Daree keessatti nijeeqa; barsiisaadhaf deebii sirii hintaane deebisa; barattoota biroo waliin walreeba, qabeenya barattoota biroos jalaa balleessa. Rakkoo naamusaa isaa kanaanis yeroo hunda gara biroo dura bu'aa mana barnootaatti waamama. Turaan hiriyoota muraasa qabaatullee yeroo baay'ee qofaa isaa taphachuu jaallata. Yeroo dhiyoo kana boorsaa dubartii tokkoo harkaa butuun osoo fiiguu poolisootaan qabame. Kanarraan kan ka'enis harmeen isaa gara xabalaatti waan geessaniif bakka xabalaa sana ji'a sadif tureera.

## Mariyachiisaa

Hirmaataan fedhii qabu tokko seenicha akka dubbisu gaafadhaa. Gaaffiwwan armaan gadii hirmaattota gaafachuun deebii isaanii gabatee/chaartiirratti barreessaa.

1. Mucaan amala akka Turaa qabu isin mudatee beekaa?
2. Namoonni waa'ee ijoollee akkasii maal jedhu?
3. Rakkoon Turaa maal maal faadha?
4. Amaalli isaa kun umrii isaatiin wal gitaa? Deebiwwan kennamanirratti akka mariyatani jajjabeessaa.

## Kaayyoo boqonnichaa

- Warriifi guddistoonni ijoollee rakkoo naamusaa koodii qabani akka adda baasan dandeessisu,
- Miseensonni maatii mana keessaa ijoollee koodii qaban gargaaruu akka danda'an gochuu,
- Wantoota naannootti koodii babal'isan adda baasuufi furmaata barbaaduu danda'uu,
- Yoom gara mana yaalaatti akka deeman/ geessaman beeksisu.

### Mariyachiisaa

- Kaayyoo leenjichaa hirmaattotaaf debbisaa.
- Leenjifamtoonni waa'ee rakkooakkanaa wanti beekan yoo jiraate gaafachuun deebii isaanii gabateerratti barreessaa.

## Hiikaafi ibsa

Ijolleen rakkoo naamusaa /amala koodii jedhamu qaban wanti ittiin adda ba'an inni ijoon mirga namoota biroo sarbuu yommuu ta'u kan ittiin ibsamu namoota biroorratti humna agarsiisuu, hanna, sobuu gowwoomsuufi kkf---- dabalata

Ijolleen koodii qaban amaloota armaan gadiitu irraa calaqqisa:

- Namoota kaanirratti miidhaa qaqqabsiisuu, ykn qaqqabsiisuuf itti dhaadachuu,
- Qabeenya namootaa mancaasuu; yeroo tokko tokko qabeenya dhuunfaa isaanillee nimancaasu.
- Hannaafi gowwoomsuu,
- Dambiiwwan yookiin seerota umrii isaaniitti kabajamuu qaban irraa deddeebiin cabsuu.

### Mariyachiisaa

Mallattoowan kanneen haala armaan gadiin ibsaafii

- Miidhaa qaamaa qaqqabsiisuu ykn qaqqabsiisuuf itti dhaadachuu
  - Sossodaachisuu ykn reebuun rakkisuu
  - Namoota biroofi bineeldotarratti amala gara jabinaa agarsiisuu
- Oabeenva mataa isaanii/ kan namoota biroo mancaasuu

## **Mariyachiisaa**

- Ka'umsi rakkoo kanaa maal ta'uu akka danda'u hirmaattota gaafadhaa.
- Deebii isaanii gabateerratti barreessaa.
- Deebiwwan kennamanirratti marii gaggeessaa.

## **Ka'umsa /sababa**

- Sababa adda ba'e tokko qofa kan qabu miti.
- Rakkooowwan uumamaa,xiinsammuifi naannootiin uumamuu danda'a.

## **Ilaalchota dogoggoraa**

- Rakkoo adabamuun dhabuun fidudha.
- Bu'aa abaarsaa yookiin dhahichaati.

## **Mariyachiisaa**

Ilaalchota dogoggoraa

1. Ijoollee saragee/badoodha

## Mariyachiisaa

Rakkoon naamusaa/amalaa kun ijoolleefi namoota biroorratti dhiibbaa inni geessisuu danda'an dubbisaafii.

## Namoota biroofi maatii isaaniirratti rakkoo qaqqabsiisu

- Maatiifi namoota biroottatti dhiibbaa cimaa qaqqabsiisa.
- Miirri faayida dhabeessummaa itti dhaga'amuu danda'a.
- Barumsa isaaniitiin qabxii gaarii galmeessisuu hindanda'an
- Hiriyaa ofii sodaachuufi jirenya hawaasummaarratti rakkoon mudachuu danda'a.

## Mariyachiisaa

Yoom gara mana yaalaa geessuun akka barbaachisuu hirmaattota gaafadhaa.

## **Yoom gara yaalaa geessuu ykn erguu nurra jiraata?**

Amalli akkanaa kun itti fufiinsaan ijoolleerraan kan calaqqisu yoo ta'e gara ogeessa yaala sammuutti geessuun gorsa argachuun barbaachisaadha.

### **Tapha Barumsa dabarsu**

Giiftiin barsiistuu barnoota idilee duraa yommuu taatu mucaa Goobanaa jedhamu kan umriin isaa waggaa shan ta'e irratti amala duraan argitee hinbeekne irratti agatre. Rakkoon naamusa mucichaa akka malee dabalaan waan dhufef, barsiiftuu Giiftiin warra isaa waamsifte. Abban Goobanaa, Samsoon yommuu jedhamu harmeen isaa immoo Leeloo jedhamu. Isaanis suuqii mataasaanii xiqqoo tokko qabu.

Barsiiftuu Giiftii: Akkam jirtu ?

Obbo Samsoon: Akkam jirta, barsiiftuu Giiftii? Dhaamsi kee nu qaqqabnaan dhufne.

Bars.Giiftii: Ssababani ani dhaamsa isinitti ergeef, mucaa keessanirratti amala badaa waanin argeef.

Aadde Leeloo: Maal jechuu keeti, barsiiftuu Giiftii?

Bars.Giiftii: Dirree taphaa keessatti ijoolle rukuta; nidarbata.

Obbo Samsoon: Wanti ati odeessaa jirtu kun waa'ee mucaa kootii waa'ee Goobanaatii?

Bars.Gooftii: Goobanaan beelladoota mooraa mana barnootaa keessa jiran miidhuu amala godhataa jira.

Aadde Leeloo: Inni mucummaa isaarrraa jalqabee baay'ee rakkisaadha.nAbbaa isaatti yoon himellee xiyyeffannaa itti hinkennine.

Obo Saamsoon: Mucaa xinnoo kana hinkomatinaa; inni, bar, baay'ee mucaa xinnoodha.

Bars.Giiftii: Eeyye, daa'imaadha; garuu, amalli isaa umriisaan kan wal gitu miti.

Aadde Leeloo: Tole barsiituu Giifti ; mee maal nu gorsita?

Bars.Giiftii: Ani kanan isin gorsu mucicha gara hospitaalaa akka geessitaniifidha.

Obbo Saamsoon: mucaan keenya dhukkuba qaba jechaa jirtaa?

Bars.Giiftii: Ani yaadni koo akkasi, garuu fooyee kan qabuufi sirriitti beekuun kan danda'amu mana yaalaa dhaquun ogeessa yaala sammuu mariisisuudhaani.

Aadde Leeloo: maaloo tajaajilli akkanaa kan argamu hospitaalaadhaa?

Obbo Saamsoon: Hospitaalaafi kilinikoota tokko tokko keessatti tajaajilli yaala sammuu akka kennamu dhaga'eera.

Aadde Leeloo: Si galateeffanna, Barsiftuu Giiftii; waan hakiimoni nuun jadhan deebinee sitti himna.

Barsiiftuu Giiftii: Rakko hinqabu; barattoota keenya gargaaruun hojii keenya isa tokkoo dha.

### **Mariyachiisaa**

Hirmaattota fedhii qaban namoota sadii kan mala barsiiftuu Giiftii , Obbo Saamsoonii fi harmee Goobanaa bakka bu'anii taphatan filadhaa.

Mallattoowwaan mucicharraa calaqqisan ibsaafii.

-Utuu isa hintuqin ijolle rukutuu, ciniinuu, darbachuu,

-bineeldotarratti amala gara jabinaa agarsiisuu.

Ilaalchota dogoggoraan ibsaafii.

- Rakkoo mucichaa hubachuu dhabuu ykn akka dhukkubaatti ilaaluu dhabuu, fakkeenyaaaf, Obbo Saamsoon “mucaan kun xinnooha; homaa hinbeeku;” jedhee yaada.

### **Mariyachiisaa**

Ijolle rakkoo akkasii qaban mana keessatti akkamitti gargaaruun akka danda'amu hirmaattota gaafachuu deebii isaanii gabateerratti barreessaa

### **Maatiin maal raawwachuu danda'u?**

- Naamusa/amala akkasii sirreessuuf warra rakkisoo ta'an keessaa isa tokkoodha. Warra/guddistootarraa obsa guddaatu eegama.

- Mucaan dhukkuba koodii qabu amala gaarii yoo calaqqisiise galatoomfachuufi jajjabeessuu.
- Mucicha gara laafinaan gargaaruudha malee keessa ofiitti jibba agarsiisuun sirrii miti. Mucichi hiriya waan hinqabneef ,maatiin ga'ee kana taphachuu qabu.Yoo kana goone walitti dhufeenyi nuti mucicha waliin qabnu yaalii nuti amalasaa sirreessuuf goonu tumsa.
- Gama tokkoon mucicha waliin walitti dhiyeenya uumuun, gama biroon immoo yeroo ga'aa kennuun obsaan waa'ee amala/naamusaa isaafi rakkoo amalli isaa kun fiduu danda'u utuu hinnuffiin mucicha hubachiisuu. Akkasumas, barumsaafi hojiirratti (umrii isaa ilaalcha keessa kan galche) akka hirmaatu jajjabeessuu; mucicha gargaaruuf yaaluun barbaachisaadha. Naamusa barbaachisuufi hinbarbaachifne maatii keessatti mucichaa wajjin obsaan mari'achuu.Mucaan naamusa hinbarbaadamne irraa calaqqisu rakkoo koodii akka qabuufi naamusa isaa akka jijiirratuuf maatiin akka isa gargaaruuf obsaan ibsuufi.

Mucaa rakkoo koodii qabu amala isaa sirreessuuf rakkoo hammaataa keessa akka hinseenne warri/maatiin jalqabumarraa ogeessa yaala sammurraa gorsa isaan barbaachisa.

### **Mariyachiisaa**

Ergaawwan furtuu dubbisaafii.

### **Ergaawwan Furtuu**

- Mucaan dhukuba koodii waliin jiraatu mucaa gadhee miti, garuu rakkoo sammuu cimaa ta'e waan qabuuf deggarsa maatii,barsiisaafi ogeessa yaala sammuu isa barbaachisa.
- Adabbiin faayidaa hinqabu. Garuu mala eeyyentaa naamusa sirrii ittiin barsiisan sirnaan itti fayyadamuun barbaachisaadha.
- Wantoonni biroon miira jeeqan yommuu irra ga'u (fakkeenyaaf, du'a maatii ,warri addaan ba'uu ykn walitti bu'iinsi yoo jiraate, mana barnootaa keessatti yoo itti qoosan

mallattoon koodii calaqqisuu ykn ittuu cimuu akka danda'u hubachuun barbaachisaadha)

- Mucicha/mucattiirra dhiibbaan akka ga'aa jiru ykn mana barnootaa keessattis ta'e naannawa qe'eetti isaan sodaachisuufi itti qosu jiraachuu hordoffii taasisuun qaama ilaaluu wajin mari'achuun faayidaa qqba.

## **Boqonnaa Kudhan**

### **Oftuulummaa**

Boqonnaan kun ijoolee rakkoo abboomamuu dhabuuifi oftuulummaa qaban haala itti adda baasaniifi gargaaran barsiisa.

#### **Sagantaa Raawwii**

<b>Qabiyyee</b>	<b>Mala baruu-barsiisuu</b>	<b>Sa'atii</b>
-----------------	-----------------------------	----------------

Madaalli leenjii duraa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiiqaa 15
Seenaa Seensaa	Dubbisuu	Daqiiqaa 15
Kaayyoo boqonnichaa	Dubbisuu fi mari'achuu	Daqiiqaa 15
Hiikaa fi ibsa	Dhiyeessuu, dubbisuu fi mari'achuu	Daqiiqaa 15
Seenaa seensaarratti ibsa kennuu	Dubbisuu fi mari'achuu	Daqiiqaa 15
Tapha barumsa qabu	Taphicha hoogganuu	Daqiiqaa 20
Wantoota maatiin raawwaachuu qabanii fi ergaawan furtuu	Dubbisuu fi mari'achuu	Daqiiqaa 10
Madaallii leenjii	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiiqaa 15

### Seenaa Seensaa

Raajiin umriin isaa waggaa 6 dha. Barumsatti cimaa ta'us naamusa qaburraan kan ka'e mana barnootaa idileen duraa itti barataa turerraakka gaggeeffamu ta'ee jira. Raajiin waan gaafatame hundaa kan didu, meeshaalee taphaa (ashaangulliitii) bakkuma argetti kan gatu, waan bakka argetti bittinneessu walitti qabii iddo sirrii kaa'i yoo ittiin jedhan kan hinsarmine mucaa rakkisaadha. Waan inni fedhuun ala yoo itti himan hindhaga'u. Namoota hangafa isaa ta'aniif deebii hinkennu; hinabboomamu. Akkana ta'uu isaatiin barumsaafi jirenya guyyuu isaarratti dhiibbaa itti uumeera. Barsiistuu isaa tarkaanfii sirreffamaa fudhachuuf yoo isa ajajju nimorkata; seeraafi dambii jiruuf hinbitamu. Balleessaa isaa yoo itti himan ,dogoggora ofii uume namoota birootti sababata waan ta'eef waan hinmalleefis ni'aara. Amala isaa kanaanis beekaa namoota biro aarsa. Wantootarratti xiyyeefannoo gochuun itti ulfaata. Walitti dhufeenya namoota biroo waliin qabu gidduu seenuu baay'isa.

### Mariisia

Hirmaataan fedhii qabu tokko seenicha akka dubbisu gaafadhaa

Gaaffilee armaan gadii hirmaattota gaafachuun deebii isaanii gabateerratti  
barreessaa

1. Mucaan amala akka Raajii qabu isin mudatee beekaa?
2. Namoonni waa'ee ijoollee amala akka Raajii qabaniin maal jedhu?
3. Rakkoon Raajii maal ture?
4. Naamusnisaa kun umrii isaa waliin deemaa? Deebii isaaniirratti marii akka

## **Mariyachiisaa**

Kaayyoo boqonnichaa dubbisaafii.

Leenjifamtoonni waa'ee rakkoo akkanaa wanti beekan yoo jiraate gaafadhaa.

Deebii isaanii gabateerratti barreessaa

## **Kaayyoo boqonnaa kanaa**

- Ijoollee rakkoo naanmusaa diddummaafi oftuulummaa qaban adda baasuu dandeessisuuf,
- Wantoota naannawatti argaman rakkoo kana babal'isan adda baasuufi fala barbaaduu dandeessisuuf,
- Ijoollee rakkoo naamusaa diddummaaf oftuulummaa qaban gamaggamuu, gargaaruufi yoo barbaachise yoom gara hopspitaalaatti geessuu akka danda'an beeksisuuf.

## **Hiikaaf ibsa**

- Oftuulummaan akkakuu rakkoo naamusaa yoo ta'u ijoolleen rakkoo akkanaa qaban ajajamuu/abboomamii dhisuu, of nyaachuufi oftuulummaan irraa calaqqisa. Kan waa morkataniifi garraamummaan kan irraa himmul'annedha. Aarii ofii to'achuun isaan dhiba. Namoota kaanirratti ni'aaru; beekaa waan namoota biroo aarsu hojjatu. Yeroo baay'ee amala akkasii kan calaqqisiisan anamoota hangafa isaanii ta'anirratti yommuu ta'u, yeroo tokko tokko garuu ijoollee biroorratti, hiriyoota kutaa isaaniifi ijoollee waliin taphatanirraattidha. Rakoon naamusaa/amalaa kun manatti, mana barnootaafi walitti dhufeenyaa hawaasummaa qaban irratti dhiibbaa hi'eentaa ta'e qabaata.

## **Mallattoowwan**

### **Dheekkamuufi amala dhabuu**

Akkuma salphaatti aaruu, of jibbuufi amala na hintuqiinaa jedhutu irra calaqqisa.

## **Mormuufi oftuulummaa**

Namoota gurguddoo waliin walmormu. Ajaja ykn gaaffii hangafoota isaanii hinfudhatan.

Beekaa namoota biroo aarsu. Waa'ee balleessaa isaaniif namoota biroo komatu. Yeroo baay'ee kan araara gochuu hindandeenyeef kan gadoo qabatanidha

Daa'imman rakkoo oftuulummaa qaban amaloota armaan gadiitu irraa calaqqisa;

- Warra isaaniifi namoota hangafoota isaanii ta'an waliin mormii hinbarbaachifne adeemsisuu, walitti bu'uufi itti deebisuu,
- Dambiwwaniifi seerota kabajuu dhabuu, itti bitaachaa'uu, shakkuu.

## **Mariyachiisaa**

Hiikaafi ibsa isaa dubbisaafii

- hirmaattonni ijoollee naamusa akkasii qaban kan beekan yoo jiraate fakkenya akka kennan gaafadhaa
- ijoolleen fayyaa qabanis yeroo tokko tokko yommuu dadhaban, beela'aniifi aaran warra isaanii waliin wal mormuufi namoota gurguddoof deebii kennuu akka danda'an hubachiisaa. Akkasumas, ijoolleen taateen gargaraa jirenya isaanii keessatti raawwate (fkn warri isaanii dhukkubsachuu, namni isaan jaallatan jalaa du'uu) amalli akkasii irraa calaqqisuu nidanda'a. Haata'u malee, amalli akkasii dhukkuba yoo ta'e rakkichii yeroo tokkoof mul'atee kan dhaabatu osoo hintaane itti fufiinsa qaba.

## **Ibsa seenaa seenaa**

1. Rakkoleen mucaa kanaa maal isinitti fakkaata?
2. Naamusni/amalli isaa kun umrii isaa waliin nideemaa?

## **Mariyachiisaa**

### **Deebii**

1. Rakkolee mucaa kanaa humnaa ol xiiqii qabachuu, namoota gurguddoo waliin walmormuu, ajajamuu dhabuu, dambiifi seera kabajuu dhabuu, namoota biroo aarsuu, waa'ee dogoggora ofii uumamniif namoota kaan komachu, miira gadoo qabachuu calaqqisiisuu,

## **Sababa/Ka'umsa**

Ka'umsi/sababni isaa ifatti adda ba'ee hinbeekamu; ida'ama dhiibba rakkooowwan addaddaan kan uumamaa, xiinsammuufi naannootiin uumamuu danda'a.

### **Mariyachiisaa**

Ka'umsa rakkichaa osoo itti hinhimiin dura hirmaattooni waa'ee ka'umsa rakkichaa maal akka yaadan gaafadhaa. Sababoota rakkichaa ilaachisee ilaachota dogoggoraajiran ibsaafii. Fakkeenyaaaf, rakkoon kun kan dhufuu namoonni adabamuu dhabaniifidha jedhanii yaaduu nidanda'u; garuu, miti.

## **Taphoota barumsa qaban**

Badhaaneen mucaa umriin isaa wagga torba ta'eefi Bishooftuu keessa kan jiraatudha. Abbaan isaa dhaabbata mitimootummaa tokko keessatti qacaramee naannoo fagoo ta'e deemee hojjatee jira. Harmeen isaa, Dharroon, hojmanee isaaf kenname akka hojjatu itti himuuf yaalti;

Dharroo: Badhaane, hojmanee kee mee waliin haa hojjannu .

Badhaanee: kana godhi; kana hojjadhu jechuu kee kana hindhaabduu?

Dharroo: Badhaane, hojmanee yoo hinhojjanneefi yoo hinqu'anne qorumsa nikuftaa bari?

Badhaanee: yoon qu'achuu baadhes hinkufu; kana booda maal akkan gochuu qabu ati natti himuu hindandeessu(kanarratti abban yaada kennuu barbaadan)

Obbo Burqaa: Badhu, bari haati kee akka ati qabxii gaarii argattu si gargaaraa jirtiim.

Badhaanee: ani eksii (x) kaniin argadhu barsiisichi waan na hinjaallanneef malee ani mucaa isa ana maddii taa'uu, Akkasaatii, gadii ta'eenidhaa? Na dhiisaa ani homaa gochuu hinbarbaadu (Badhaaneen itti aansee dabataraafi boorsaa isaa darbatee kutaa keessaa ba'e)

Obbo Burqaa: Gurbaan kun sarageefi jeeqaa ta'aa jira; kanaafuu, adabamuu qaba.

Darroo: kaleessa gara mana barnootaa deemeennaan barsiistuun isaa Badhaaneen amala oftuulummaa barsiisotaa isaarratti akka agarsiisu, kunimmoo barumsa isaarratti dhiibbaa akka uume natti himte. Waan salphaaf namoota kaanirratti kan aaru yommuu ta'u balleessaa ofii uumeen namoota kaan komata . Beekaa namoota kaan aarsuuf yaala.

Obbo Burqaa: Bar kun haaraa miti; bara darberra kaasee amalli isaa akkasuma seera barsiisuuf yoon yaalullle inumaa itti caalaa deeme.

Dharroo: Eeyyee nanbeeka! Akka barsiisaan natti himetti kan itti fooya'uu danda'u gara hospitaalaa dhaquufi gorsa ogeessa yaala sammuu yoo argatedha.

Obbo Burqaa: yaada gaariidha! Mee boru gara ogeessa yaala sammuu haa geessinu.

## Mariyachiisaa

Hirmaatotota fedhii qaban sadii filachuun amala namfakkiwwan sadan bakka bu'anii akka taphatan godhaa.

### Amaloota hi'eentaa Badhaaneen qabu:

Abboomamuu diduu, namoota tuttuquu, qabxiin barumsaa isaa gadi bu'uu, balleessaa ofii uumeen namoota biroo komachuu, beekaa namoota kaan aarsuu,

### Ilaalchota dogoggoraa

Obbo Burqaan adabbii akka falaatti dhiyeessuun isaa ilaalcha dogoggoraati. Naamusni Badhaanee adabbiin kan fooyya'u miti.

## **Maatiin maal gochuu danda'u?**

- Naamusa gaariiratti ijaaruu-fakkenyaaf, yoo mucichi abboomamaa ta'e jajjabeessuufi galatoomfachuu
- Naamusa badaa ijoollee sirreessuuf tarkaanfiwwan sirreffama nuti fudhannu eeyyeentummaa qabaachuutu irra jiraata. Adabbiin (adabbi qaamaa, arrabsuuf kkf) rakkicha furuuf hinfayyadu; inumaa rakkoo naamusaa biroof saaxila.
- Amansiisuuf jecha ijoollee waliin walmormuun barbaachisaa miti;sababni isaas, adada walmormuun dheerateen maatiin miira aarii keessa seenuu nidanda'u. Warri aaranii tarkaanfii hi'eentaa fudhataniin rakkoon mucichaa itti caala. Maatiin rakkoon sun rakkoo oftuulummaa ta'uu yoo hubatan tasgabbiin tarkaanfiwwan sirrii fudhachuuf sagantaa dandeessisu ogeessa waliin mariyachuun qopheessuufi saganticha sana itti fufiinsaan raawwachuuudha malee walmormuun hinfayyadu.
- Ijoollee rakkoo oftuulummaa qaban ilaalcissee gara ogeessa yaala sammuu geessuun akka ilaalamaniifi haala gaariin akka kunuunfaman gochuun barbaachisaadha. Sagantaa kunuunsaa taasifamus akkuma armaan olitti ibsametti haala itti fufiinsaafi bifa walfakkaatuun raawwachuuun barbaachisaadha.
- Namoota kaanirraa deeggarsa argachuu (misensoota maatiirraa, barsiisotarraa, ogeessota yaalaafi hiriyootarraa)
- Warri sagantaadhaan mucicharraa qofa of baasuun dhiibbaa rakkoo oftuulummaa mucicharra ga'urraa adda ba'ee wantoota bashannamsiisan gochuun (fakkeenyaa, gara bakka bashannananaa dhaquun, gara iddoowwan amantii dhaquun, bakka ispoortii dhaquun, deemsa milaa ykn sochii qaamaa taasisuun dhiibbaa jiru hir'iisuun irra jira.

### **Mariyachiisaa**

Wantoota maatiin raawwachuu danda'an dubbisaaifi. Adabbiin rakkoo naamusaa ijoolleen qaban itti caalchisa malee akka hinfooyyessine cimsaatii hirmaattotatti himaa.

## **Mariyachiisaa**

Ergaawwan ijoo warraaf dubbisaa.

### **Ergaawwan ijoo**

- Ijoolleen hundi yommuu beela'an, waan tokkotti aaranii yommuu dheekkaman, dhiibbaan yeroo irra ga'u namoota hangafoota isaaniif deebii kenuufi abbomamuu dhabuun irraa calaqqisa. Kana jechuun, amalli diddaan ijoollee kamirraayyuu mul'achuu nidanda'a. Keessumattuu waggaa 2-3 fi bara dargaggummaa isaanii gara jalqabaatti amalli akkasii kun sababoota armaan olitti eeramaniin mucichi dhiibbaa irra ga'e qofaan kan uumamu yoo ta'e rakkichi rakkoo yerooti malee dhukkuba oftuulummaa miti.
- Rakkoon amalaan kun yoo itti fufiinsaan calaqqise gara mana yaalaa fiduun barbaachisaadha. Dhukkuba ta'uun isaa kan mirkanaa'u ogeeyyi yaala fayyaa sammuu qofaan yoo ta'u dafanii yaalsisuun faayidaa guddaa qaba. Rakkoon kun yoo tarkaanfiin sirrii ta'ee yeroon yoo hinfudhatamne gara rakkoo sammuu kan birootti ce'uu ni danda'a.
- Hordoffifi deeggarsi warraa ijooleef baay'ee barbaachisaadha.

## **Boqonnaa Kuta tokko**

### **Morkii/Xiiqii Humnaa Olii**

Boqonnaan kun morkii humnaa olii ijolleerraan calaqqisu akkamitti ittisuun akka danda'amuufi erga uumameen boodas maal gochuu akka qabnu nutty agarsiisa.

### **Sagantaa raawwii**

Qabiyyee	Mala baruu barsiisuu	Sa'atii
Madaalli leenjii duraa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiiqaa 15

Seenaa seensaa	Dubbisuu	Daqiiqaa 5
Kaayyoo boqonnichaa	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiiqaa 5
Hiikaafi ibsa	Dhiyeessuu, dubbisuufi mariyachuu	Daqiiqaa 15
Seenaa seensaarratti ibsa kennuu	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiiqaa 15
Tapha barumsa dabarsu	Taphicha hogganuu	Daqiiqaa 20
Wantoota maatiin raawwachuu qabaniifi egaawan furtuu	Dubbisuufi mariyachuu	Daqiiqaa 10
Madaallii leenjii boodaa	Waraqaalee gaaffii raabsuu	Daqiiqaa 15

## Seenaa Seensaa

Shureen daa'ima waggaa sadii yommuu taatu waan isheen barbaadduu tokko yoo ishee dhowwatan boowwuu, of nyaachuu, iyyuu, olutaaluu, lafarra gangalachuufaatu irraa mul'ata. Shureen torbanitti yoo xinnaate guyyoota lamaaf amalli kun irraa calaqqisa. Harmeen ishee yommuu Shureenakkana taatu baay'ee jeeqamu. Akka callistuuf yoo ishee sosobanis ittuu caalti. Harmeen ishee baay'ee waan dhiphataniif, akkasumas mucayyoonaanisaanii akka hinmiidhamne waan sodaataniif, Shureen yommuu amalli akkasii irraa calaqqisu xiqqoo sossobuuf erga yaalanii booda waan isheen barbaaddu sana raawwatuuf. Waan isheen barbaaddu erga raawwatameefii booda, Shureen amala ishee sodaachisaa sana nidhiisti.

1. Mucayyoonaanisaanii akka Shuree isin mudatee beekaa?
2. Namoonni ijollee naamusa akka Shuree qabaniin maal jedhu?
3. Rakkoon Shuree maal ture?
4. Naamusni Shuree kun umrii ishee waliin walgitaa?

## Mariyachiisaa

Hirmaataan fedhii qabu tokko seenicha akka dubbisu gaafadhaa.

Gaaffiawan armaan gadii hirmaattota gaafachuun deebii isaanii gabateerratti galmeessaa.

1. Mucayyoo amala akka Shuree qabdu kunuunsitanii ykn guddistanii beektuu?
2. Namoonni waa'ee ijollee naamusa akka Shuree qabaniin maal jedhu?
3. Rakkoon Shuree maal ture?
4. Naamusni Shuree kun umrii ishee waliin walsimaa?

## Kaayyoo

Xumura boqonnaa kanaatti hirmaattonni;

- Morkii/xiiqii humnaa olii dhukkubaaf saaxiluufi kan adeemsa guddinaa keessatti uumamu, morkii ijolleerraa yeroof calaqqisu adda baasuu nidanda'u.
- Mucaa rakkoon morkii humnaa olii irraa mul'atu mana keessatti gargaaruu nidanda'u.

### Mariyachiisaa

Kaayyoo haalaan dubbisaafii. Hirmaattonni waa'ee morkii/ xiiqii humnaa olii maal akka beekan gaafadhaa. Deebii isaaniis gabateerratti barreessaa.

Morn

Garaogeessa fayyaa sammuu yoom geessuu akka qaban nibeeku.

### Mariyachiisaa

Hiikaafi ibsa isaa dubbisaafii

Morkiin mul'istuu miira aarii/dhiphuu yoo ta'u yeroo baay'ee ijolleen waan gaafatan tokko osoo hinargatiin yoo hafan kan uumamudha.

Morkii/xiiqiin humnaa olii daa'imman xixiqqoofi ijollee biroo yaada, fedhiifi miira isaanii jechaan ibsachuu kan hindandenyeratt, yommuu sodaatan ykn jeeqaman rakkoo naamusaa calaqqisudha.

Mallattooleen morkii humnaa olii osoo addaan hinkutiin boo'uu, walitti fufinsaan iyyuu, dhidhiituufi lafarra gangalachuu faa'i. Yeroo tokko tokko walitti fufuun iyyuufi boo'uun hanga hafuura kutuutti geessisuu danda'a.

## **Mallattooleen jiran maal maal faadha?**

Kanneen armaan gadii keessaa tokko/tokkoo ol mucichaa ykn mucayyooraa calaqqisuu danda'a.

- Utuu addaan hinkutiin boo'uu, iyyuu, of nyaachuu
- Hafuurri cituu
- Qunxuuxuu ykn ciniinuu, qodaa caccabsuu
- Kufuu, bakka kufetti dhidhiittachuu, gangalachuu

## **Sababa/ka'umsa**

- **Uumamaan:** daa'imman tokko tokko amalaafi miira isaanii to'achuu hanga baranitti karaan dhiphuufi aarii isaanii ittiin ibsat an haala kanaan ta'uu nidanda'a. Ijoollee baay'een morkiin humnaa olii kan irraa mul'atu sababa kanaanidha. Haalli kun yommuu umriin wagga sadii ta'u baay'ee hir'achuun yommuu wagga afur guutu immoo gutumaan guutuutti nibada.
- Mallattoo dhukkuba sammuu kan biroo ta'uu nidanda'a (mukaa'uu, xiyyeffanna olaanaa kennuu dhabuufi tasgabbii dhabuufi kkf--)
- Rakkoo akkaataa guddanna ijoollee, guddisa seera dhabeessa (gadidhiisii), daa'imman itti faafatamummaaf qopheessuu dhabuufi kkf--)

## **Mariyachiisaa**

Ka'umsa rakkichaa osoo itti hin himiin dura hirmaattonni waa'ee ka'umsa rakkichaa maal akka yaadan gaafadhaa

- Ilalchota dogoggoraarratti ibsa kennaa
- Mucichi badaa (saragee) miti.
- Abaarsa waan qabuufis miti.
- Uumamaan daa'imman tokko tokko guddinni sammuu isaanii hanga mijaa'uutti miira dhiphuuf aarii isaanii jechaan seeraan ibsachuu hindanda'an.
- Ijoollee dhukkuba sammuu qaban tokko tokkoratti morkiin humnaa olii irraa calaqqisuu nidanda'a. Haalichi guyyaa guyyaan kan calaqqisu yoo ta'e, daa'imni sun of gatuudhaan wayitti of buusee of miidhaa kan jiru yoo ta'e ykn namoota kaan rukutuun, qabeenya barbadeessuu rakko kan uumu yoo ta'e tarii mallattoo dhukkuba

## **Ibsa Seena Seensa**

1. Namoota amala akka Shuree qabanii namoonni biroon maal ittiin jedhu?
2. Rakkoon Shuree maal faadha?
3. Naamusni/amalli Shuree kun umrii ishee waliin nideemaa?

## **Mariyachiisaa**

### **Deebii**

1. Namoonni amalli akkasii kun saragummaadha; adabuun barnaachisaadha jedhanii yaaduu nidanda'u?
  - Amalli kun saragummaa miti, aariin ykn dhiphuun daa'imman tokko tokkoo ittin ibsanidha malee.
2. Rakkoowwan Shuree
  - Walitti fufiinsaan boo'uu, iyyuu, of nyaachuu, lufa rukkutuu, mataa ofii rurukkutuu.
3. Haalli akkasii daa'imman umriin isaanii ji'a 18 hanga wagga 3 jidduu

## **Maatiin maal gochuu danda'u?**

Morkiin humnaa olii yoo uumame;

- Tasgabbaa'uu, mucicha/mucayyoo waliin walmormuu dhiisuu.
- Haala ijoollee qu'achuu, rakkichi sababa biroo rakkoo muchicharra/mucayyoorra ga'een kan uumame yoo ta'e tarkaanfii fudhachuu
- Rakkoo morkii humnaa olii ijoolleen mulisan dhaabsisuuf jecha waan ijoolleen fedhan (wanti isaan fedhan sun sirrii kan hintaane ta'uun isaa hanga hinbeekamnetti) dhowwuu dhiisuu.
- Yaada mucichaa/mucayyoo jijiirsisuu/ dagachiisu /gara wanta sirrii ta'eetti akka deebi'an yaada isaanii tasgabbiin jijiirsisuu)
- Morkii humnaa olii yoo calaqqisiisaniifi halli kun balaa kan hinqaqqabsiisne ta'uun isaa yoo hubatame xiyyeffanna baay'ee itti kennuu dhiisuu. Amalicha yommuu dhiisan garuu, 'ashuu!' jechuun galatoomfachuun ofitti qabanii hammachuu, amala akkasii dhiisuu isaaniitti akka gammadan ibsuufii.

## **Mariyachiisaa**

Morkii humnaa olii ilaachisee kan maatiin raawwachuu qaban kanneen armaan gadiiti:

- Maatiin amala mataa ofii ilaaluu qaba (tasgabbaa'uun barbaachisaadha.) Ijoolletti iyyuun dheekkamuun ittuu haalicha babalchisuudha. Ijoolletti iyyuun/ dheekkamuun ittuu haalicha babalisa. humnaa ol iyyuun/ boo'uun walitti fufiinsaan yoo raawwatame mucichi dhukkubni itti dhaga'amnaan, beela'ee baay'ee dadhabnaan ykn balaan wayii isa quunnamuufi quunamuu dhiisuu adda baafachuun barbaachisaadha. Rakkoowwan kanneen keessaa tokkoo jiraachuu erga mirkaneeffannee tarkaanfii sirrii fudhachuu, bakka rakkowwan kunniin hinjirretti ijoolleen wanta tokko irra deddeebi'anii barbaadanii wantii isaan barbaadan sun yoo hinraawwatamiiniif hafe amala akkasii kan calaqqisiisan yoo ta'e garuu haalicha hubachuun jalqaba of tasgabbeessuu.
- Mucichi amala morkii humnaa olii akka dhaabuuf jedhamee wanta sirrii hintaane eeyyamufii hinbarbaachisu .
- Mucichi adaduma waa barbaadeen amala akkasii mul'isuu akka tooftaa tokkootti barsiifata godhata. Kun immoo naamusa muchichaa gara fulduraarratti rakkoo uumuu danda'a.
- Daa'imman amala akkasii yoo calaqqisiifi amala isaanii kana adabuun dhaabsisuuf yaalauun gonkumaa fala hinta'u Rukkutuudhaan ykn waan

## **Amalli morkii humnaa olii erga uumameefi darbee booda**

- Wantoota ijolleef raawwatamuu qabaniifi raawwatamuu hinqabne ilaalchisee jaalalaan ,haala itti fufinsa qabuufi ajaja maatii shakkii hinuumneen hubachiisuu, barsiisuu ..
- Miseensonni maatii warri gurguddoo ta'an waan barbaadan argachuuf tooftaa itti fayyadamaa jiran sirreessuu. Amala /naamusa ijolleen akka qabaanne feenu nuti taanee yoo itti agarsiisne ijolleen amala hinbarbaachifne keessa akka seenan gargaara. (fakkeenyaaaf, haati baasii manaatii maallaqa abbaarraa fuudhuu yoo barbaadde haala tasgabbii qabuun mariin moo iyyuufi boo'uudhaani? Abbaanis baasii manaaf barbaachisu kan kenu sirnaan, mari'achuun, karooraan moo iyyuufi mormiidhaani?)
- Waan barbaadan (eeyyamama hanga ta'etti ) argachuuf jecha of nyaachuufi dheekkamuurra karaan fooyya'aan biroon jiraachuu isaa ijolleef hoggansa kennuun barsiisuu
- Yoo ijolleen morkii humnaa olii kan hinbarbaachifne keessa seenan, amala kanaarraa addaan kutuuf jecha waan barbaadan sana akka hinarganne irra deddeebi'uun itti himuu
- Hundi keenya aarii keessa seenuu akka dandeenyuufi tasgabbaa'anii yaada ofii ibsachuun barbaachisaa ta'uu ijolleef suuta jechuun ibsuu.

- Morkiin humnaa olii daa'immaan umriinisaanii hanga waggaa 3 ta'anirratti yoo uumame umriidhaan (hubannoona bilchaachuu dhabuun) kan dhufuudha. Yommuu umriin isaanii dabalaan deemu (sirnaan qabamnaan) nidhiisu. Haata'u malee, jeeqamuun, walii galtee dhabuun, warri hojiin qabamuufi daa'imaaf xiyyeffannaan kennuu dhabuu, hirriba dhabuu, beela'uufi wantoota kana fakkaatan waliin walqabatee morkiin humnaa olii uumamu balaa cimaa qaqqabiisuu waan danda'uuf, warri mana haalaan sakatta'uu.
- Rakkoon humnaa olii yoo jiraate ogeessa yaalaa sammuu mari'achuu

## Mariyachiisaa

Morkii ijoollee humnaa olii ittisuun ykn hir'isuun nidandeenya

- Erga rakkoon uumamee booda dhaabsisuuf yaalurra dursanii ittisuu wayya.
- Ijoolleen waan tokko akka raawwatan yoo barbaanne kallattiin ajajuutu filatamaadha. Fakkeenyaaaf, mucaa keessaniin , 'amma nyaachuu nibarbaaddaa?' jettanii hingaafatinaa. "Amma yeroo nyaataati." jechuu wayya.
- Morkii humnaa olii ijoollee dhaabsisuuf, erga rakkoon uumamee booda mucicha iddo biraatti naannessuun nifayyada. Fakkeenyaaaf, kottu bashannanaaf haa baanu jedhanii.
- Haalli morkii humnaa olii ijoollee itti uumamu mana keessa jira jettaanii yoo tilmaamtan, haalota sanneen sirreessaa.
- Naannoo mijawaa, nagaafi balaa kan hinqabne ijolleef uumuu. Fakkeenyaaaf, wantoota ijoollee irratti miidhaa geessisuun danda'an mana keessaa dhabamsiisuun ijolleen akka garaa isaaniitti akka socho'an carraa kennuufii.
- Obsa qabaachuu- fakkeenyaaaf, waan mucaan keessan isin gaaftu taasisuuf hammam qophiidha? Mee gaaffii mucichaaf yeroo hagam, "hint'a'u !"deebii iedhu akka kennitan vaadaa

### **Mariyachiisaa**

Ergaawan furtuu dubbisaafii.

## **Ergaawan Furtuu**

- Morkiin humnaa olii ijoolee umriin isaanii waggaa 1-3 ta'anirratti kan calaqqisu adeemsa guddinaa sirrii ta'eedha.
- Morkiin humnaa olii amala ijoolee saragummaa qabanii miti.
- Morkiin humnaa olii ijoolee erga umriin isaanii waggaafur ta'ee booda kan itti fufu yoo ta'e ykn umrii sana duras taanaan hangiifi irra deddeebiin isaa dabalaa yoo deeme gargaarsa yaala samuu argachuun barbaachisaadha.
- Mucichi mataa isaa ykn namoota biroo kan miidhu yoo ta'e, miiri ofitti amanamummaa isaa hir'achaa yoo dhufseefi namoota biroorratti hirkataa ta'aa yoo dhufe ogeessa yaala sammuu mariisisuun barbaachisaadha.

